# BARNOOTA SAAYINSII NAANNOO

## QAJEELCHA BARSIISAA

## KUTAA 2


**Qopheessitoonni:**

*Kaasaahuun Kaffiyaalew*

*Tasfaayee Birruu*

**Gulaaltonni:**

*Dirribaa Ruushuu*

*Balaayinee Maammuyyee*

*Aadam Goobanaa*

*Gishee Badhaadhaa*

*Dassaaleny Abdii*

**Madaaltoonni:**

*Darajjee Mokonnin Dheeressaa*

*Abrahaam Tasammaa*

*Abdiisaa Gannatii*



**© Biiroo Barnoota Oromiyaa**



**Jalqaba bara 2005/2013 maxxansame**

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

**Seensa…………………………………………………………… I**

## Boqonnaa Tokko

**1. Ofii Keenya**……………………………………………………..1
1.1. Nyaata Keenya…………………………………………………2
1.2. Fayyaa Keenya…………………………………………………7
1.3. Qulqullina Dhuunfaa Keenya Eeggachuu……………………...9

## Boqonnaa Lama•

**2. Hawaasa Naannoo Keenyaa**………………………………..14
2.1. Miseensota Hawasa Naannoo Keenyaa………………………...15
2.2. Hawaasa Keessa Jiraachuu……………………………………..23
2.3. Hawaasni Keenya Anniisaa Barbaada…………………………26
2.4. Waantota Suphee, Pilaastikaa fi Waraqaa Irraa Tolchuu……….30

## Boqonnaa Sadii•

**3. Naannoo Uumama Keenyaa**………………………………..33
3.1. Taa'iiwwan Uumamaa………………………………………… 34
3.2. Qabeenya Uumamaa……………………………………………46
3.3. Biqiloota Naannoo Keenyaa……………………………………52
3.4. Bineeldota Naannoo Keenyaa…………………………………..55

## Boqonnaa Afur•

**4. Bulchiinsa Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/ Keenyaa**……58
4.1. Argama Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/ Keenyaa………………..59
4.2. Haala Teessuma Lafa Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/ Keenyaa…65
4.3. Dhaabbilee Aanaa / Magaalaa/ Keenya Keessatti Argaman……68
4.4. Sochiilee Dinagdee Aanaa/ Magaalaa/ Keenyaa……………….70

# SEENSA

Daa`imman sadarkaa barnootaa kanatti argaman waa`ee uumamaa naannoo fi hawaasa naannoo isaanii hubannaa walii galaa maatii fi hawaasa naannoo irraa argatan ni qabu jedhamee amanama.Beekumsi isaanii kunis qindaa`ee akaakuwwan barnootaan kan adda bahee miti.

Haaluma kanaan barnoonni saayinsii naannoo sadarkaa kanatti qophaa`ee hubannaa daa`imman qaban caalmaan cimsuun naannoo jireenya isaanii waliin wal-barsiisuudha. Kanaafuu,qabiyyeen barnoota saayinsii naannoo kanaa mata dureewwan kanneen akka ofii keenyaa, qabeenya uumamaa, miseensota hawaasaa, anniisaa,naannoo fiizikaalaa, hawaasa keessa jiraachuu fi sochilee diinagdee fa`a of keessaa qaba. Qajeelchi barsiisaa/tuu kun tooftaalee ittiin barsiisaan fi barnoota qindeessee barattoota itti gargaaruu danda`uu fi odeeffannoo dabalataa akka irraa argatu yaadamee kan qophaa`edha.

Kitaabni baratаa qabiyyeewwan barnootichaa irraatti ibsa gabaabaa, fakkeenyawwaan, fakkiiwwan, gaaffiiwwan, gochaalee fi gilgaala adda addaa kan of keessaa qabudha. Kanaafuu, barsiisonni akkaataa dhiyeessa kitaaba baratаa ilaaluun qajeelcha barsiisaa waliin wal bira qabuun fayyadamuun barbaachisaadha. Qajeelchi barsiisaa/tuu kunis tokkoo tokkoo qabiyyeetiif wal dura duubaan haala armaan gadiitti qindaa`eera.

## 1.Bu`aawwan barnoota boqonnichaa

Mataa duree boqonnaattii aananii kan barreeffaman yoo ta`an,barattoonni barnooticha erga baratanii booda beekumsa argachuu qabanii fi jijjiirraa amalaa fiduu qaban agarsiisu.

## 2.Gahumsawwan barachuu isa xiqqaa

Mata dureewwan xixiqqaa jalatti kan kaa`aman yoo ta`u barattoonni baranooticha erga baratanii booda yoo xinnaate maal irraa argachuu akka qaban (minimum learning requirements) kan agarsiisudha.

## 3.Qophii duraa

Barsiisonni baranoota mata duree tokkoo osoo hinjalqabiin dura qophiiwwan taasisuu qaban kan agarsiisudha. Isaanis, qabiyyee barnootaa irratti hubannoo qaban gabbifachuu, gosoota meeshaalee deeggarsa barnootaa mana barumsaa keessa fi naannoo irraa argaman qopheeffachuu qaban fi piroojektoota kennaman raawwachuuf qophii taasisuu qaban kan hubachiisudha.

## 4. Mala baruu-barsiisuu

Sadarkaa kanatti haala qabiyyee irrattii hundaa`uun akkaataa barsiisaan/tuun barnooticha ittii dhiyeessuu qabu/du kan agarsiisudha. Malleen kunis irraa caalaa barattoonni siaa`inaan barachuu akka danda`an irratti kan xiyyeeffatanidha.

## 5.Tooftaalee madaallii

Sadarkaa kanatti barsiisonni tooftaa barattoonni isaanii barnoota baratan irraa gahumsa barachuu isa xiqqaa argachuu isaanii kan ittiin mirkaneeffatanii fi adeemsa baruu fi barasiisuu keessatti ciminaa fi hanqinaalee mul`atan hubachuuf kan isaan gargaarudha.

## 6.Wayiitii barnootaaf ramadaman

Baayyina wayitii tokkoo tokkoo boqonnaatii fi qabiyyee xixiqqaatiif ramadaman kan agarsiisudha. Wayitiiwwan kennaman barnoota dhiyeessuu, gaaffiiwwan, gochaalee, piroojektiiwwanii fi gilgaalota kennaman irratti hundaa`uun kan qoodaman waan ta`eef barsiisonni qisaasina malee itti fayyadamuun irraa eegama.

Walumaa galattii, qabxiiwwan qajeelcha barsiisaa keessatti ka`aman barsiisotaaf akka ka`umsaatti kan fayyadanidha. Kanaafuu, tokkoo tookkoo isaanii irratti beekumsaa fi muuxannoo qaban irraa ka`uun foyyessuun, haala naannoo waliin walqabsiisuun fakkeenya dabalataa keennuun, tooftaalee madaallii dabalataa faayyadamuun barattoonni bu`aawwan barnoota saayinsii naanoo kutaa kanaa keessaa argachuu qaban mirkaneessuu keessatti barsiisonni ga`ee guddaa akka qaban abdii ni qabna.

# BOQONNAA TOKKO

# OFII KEENYA

Wayitii Ramadame: 51

## Bu`aawwan Barnoota Boqonnichaa

Adeemsaa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- Faayidaa nyaataa fi maqaawwan nyaata beekamoo naannoo isaanii ni ibsu.
- Nyaataa biqiloota fi bineeldota irraa qophaa'an addaan baasanii ni tarreessu.
- Haala nyaatni ittiin nyaatamu gochaan ni agarsiisu.
- Nama fayyaa fi dhukkubsataa waliin madaaluun, hiikaa fi faayidaa fayyaa ni tarreessu.
- Mallattoolee dhukkuboota muraasa fi yeroo mallattooleen kunniin isaanitti dhaga'aman namootatti ni himu.
- Faayidaa qulqullina dhuunfaa eeguu ni ibsu.
- Miidhaa qulqullina dhuunfaa eeguu dhiisuun fidu ni ibsu.
- Qulqullina dhuunfaa isaanii ni eeggatu.
- Ogummalee qo'annoo saayinsaawaa boqonnaa kana waliin deeman ilaaluu hubachuu, gaafachuu, ramaduu, waliin mari'achuu, waliin hojjechuun ni agarsiisu.


**Qabiyyee** **Wayitii**

1.1 Nyaata keenya-------------------------------------------------------------------17

1.2 Fayyaa Keenya------------------------------------------------------------------17

1.3 Qulqullina Dhuunfaa keenyaa Eeggachuu -------------------------------------17

**Ida'ama** 51

### Qabxiilee Ijoo

Boqonnaa kana keessatti nyaanni faayidaa inni qaama namaatiif qabu, maddoonni nyaataa biqilootaa fi bineeldota akka ta'an nyaata beekamoo naannoo isaanitti argamu, naamusa nyaata duraa wayiti nyaataa fi boodaa agarsiisuu irratti xiyyeeffannaa kennuun barattoota gad fageenyaan hubachiisuun barbaachiisaadha.

## 1.1 Nyaata Keenya (wayitii 17)

### Faayidaa nyaataa (wayitii 9)

### Gahumsa barachuu isa xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa baratanii erga xumuranii booda:

- Faayidaa nyaanni qaama namaatiif qabu ni himu.
- Gosoota nyaataa qamaaf faayidaa adda addaa kennan addaan ni baasu.
- Naamusa nyataa gochaan ni agarsiisu.

### Qophii Duraa

- ✓ Faayidaa nyaataa irratti yaadannoo gabaabaa kitaaba barataa irratti kennamee fi kitaaba biroo irraa dubbisuun hubannoo keessan cimsadhaa.
- ✓ Fakkiiwwan nyaata adda addaa faayidaalee isaan qaamaaf kennan waliin addaan ba'ee,poostarii biqilootaa fi bineeldota adda addaa kan madda nyaataa ta'an agarsiisuu qopheeffadhaa.
- ✓ Biqilootaa fi bineeldota nyaataaf oolan naannoo mana barumsaatti argamuu isaanii mirkaneefadhaa. **Fkn:** boqqolloo, garbuu, xaafii, paappayaa, maangoo, muuzii k.k.f. fi re'ee, hoolaa, sangaa, gaala, luukkuu, sa'aa k.k.f.

### Mala Baruu Barsiisuu

Jalqaba irratti maalummaa nyaataa fi faayidaa isaa irratti ibsa osoo hin kenniin dura barattonni gaaffilee armaan gadii irratti hubannoo isaan qaban gaafadhaa.

- Wantoonni jireenya namaatiif barbaachisan maal fa'i?
- Nyaanni maali? Fakkeenya kennaa.

- Wantoota jireenyaaf barbaachisan keessaa nyaanni bu'uura kan jedhame maaliif? Akkasumas, gaaffiiwwan biroo mata duree kanaa waliin wal qabatan gaafachuun akka isaan yaada burqisiisani fi yaada wal-jijjiiran jajjabeessaa.

Wantoonni lubbu qabeeyyii ta'an hundi jiraachuuf nyaanni akka isaan barbaachisu ibsaafii. Namnis lubbu qabeeyyii waan ta'eef, lubbuun jiraachuudhaaf nyaanni akka isa barbaachisu hubachiisaa. Fakkiiwwan nyaata adda addaa itti agarsiisaa. Faayidaa nyaanni qaama namaatiif qabu bakka sadiittii akka qoodaman ibsaafii. Fakkeenya nyaataa biqilootaa fi bineeldota irraa argaman faayidaa isaanii waliin itti agarsiisaa. Naannoo isaanii irraa akka itti dabalan jajjabeessaa.

Naannoo mana barumsaa keessan daawwachuun biqilootaa fi bineeldota madda nyaataa ta`an waliin ilaalaa. Naannoo isaanii irraa fakkeenya biroo akka itti dabalan jajjabeessaa.

## Madaallii

- Faayidaa nyaanni qaama namaaf kennu irratti gaaffilee gaafachuun (iaarsa qaamaaf, anniisaa fi hoo'a qaamaaf kennuuf, dhukkuba ittisuuf…), gosoota nyaataa, madda nyaataa addaan baafachuu isaanii mirkaneeffadhu.

# Nyaata Beekamoo ( wayitii 2 )

## Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga xumuranii booda:

- Nyaataa naannoo isaaniitti beekamoo ta`an nitarreessuu.
- Nyaatni beekamaa kunniin maalirraa akka qophaa'an ni ibsu.

## Qophii Duraa

- ✓ Naannoo keessanitti nyaata aadaa beekamoo ta`an maal fa`a akka ta`anii fi maal irraa akka qopha`an odeeffannoo sassaabbadhaa.
- ✓ Kanneen armaan gadii akkaka'umsaatti fayyadamuu ni dandeessu. Qorii, (akaayii garbuu) marqaa, cuukkoo, biddeena, daabboo, maxinoo fa`a.

### Mala Baruu Barsiisuu

Barattoonni nyaata beekamoo naannoo isaanii daree keessaatti akka tarreessan taasisaa. Fakkeenya dabalataa kennaafii. Kanneen keessaa fakkeenya muraasa fudhachuun maal irraa akka hojjetaman maatiiwwan isaanii gaafatanii daree keessatti akka dubbisan taasisaa.

### Madaallii

- Nyaata naannoo isaaniitti beekamoo ta'an akka tarreessanii fi maal maal irraa akka qopha`an akka ibsan gaafachuun hubannoo isaanii madaalaa.

## Maddoota Nyaataa ( wayitii 4 )

### Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga xumuranii booda:

- Nyaata biqilootaa fi bineeldoota irraa qophaa'an addaan baasanii ni ramadu.
- Fakkeenya nyaata biqilootaa fi bineeldoota irraa qophaa'an ni kennu.

### Qophii Duraa

- ✓ Fakkiiwwan biqilootaa fi bineeldotaa kan madda nyaataa ta`uun fayyadan qopheeffadhaa.

### Mala Baruu-Barsiisuu

Jalqaba irratti mata duree kanaaf gaaffiiwwan kitaaba barataa irra jiran barattoonni akka irratti mari'atanii ibsan taasisaa. Barattoonni maal fa'a nyaatanii akka dhufaan gaafadhaa. Nyaanni isaan nyaatan maal fa'a irraa akka qopha'an ykn maal irraa akka argaman haa ibsan. Kanaan booda, maddoonni nyaataa biqilootaa fi bineeldota akka ta'an hubachiisaa. Fakkeenya biqilootaa fi bineeldotaa madda nyaataa ta'an kitaaba barataa irra jiran haa ilaalan/Bineeldota, midhaan, kuduraalee fi fuduraalee keessaa fakkeenya lama lama kennaatii fakkii kaasanii halluu uumamaan qaban dibuun dareetti akka agarsiisan taasisaa.

## Madaallii

Baratoonni nyaata biqilootaa fi bineeldoota irraa argaman  addaan baasuun akka tarreessaan gaafachuun, deebii isaan keennan ilaaluun madaalaa.

# Naamusa Nyaataa  ( wayitii 2 )

## Gahumsa Barachuu  isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga xumuranii booda:

- Naamusa nyaata itti nyaatan qabatamaan ni agarsiisu.
- Kabaja namootaaf kennun ni agarsiisu.

## Qophii Duraa

- ✓ Fakkiiwwan naamusa nyaataa gaarii agarsiisan qopheeffachuu.
- ✓ Fakkiiwwan naamusa nyaataan dura raawwatamuu qaban agarsiisan qopheeffachuu.
- ✓ Fakkiiwwan naamusa yeroo nyaataa raawwatamu qaban agarsiisan qopheeffadhu.
- ✓ Fakkiiwwan naamusa nyaataan booda raawwachuu qaban agarsiisan qopheeffachuu.

## Mala Baruu-Barsiisuu

Jalqaba barattoonni naamusa nyaataan dura raawwachuu qaban maal fa'aa akka ta'an akka himan jajjabeessaa. Naamusa yeroo nyaata nyaatan eeguu qaban irrattis yaada haa kennan. Naamusa nyaataan boodaa maal fa'a akka ta'an akka himan jajjabeessaa. Barattoota lamaa hanga afurii daree keessaa filachuun mala ga'e taphachuun naamusanyaataa gaarii ta'ee fi gaarii hin taane gochaan barattoota fuulduratti akka agarsiisan taasisuun  barattoonni akka naamusa nyaataa gaarii qalbeeffatan  taasisaa.

## Madaallii

- Barattoonni naamusa nyaata duraa, yeroo nyaataa fi booda gahee taphachuun akka agarsiisuu danda`anitti haala mijeessuun akka agarsiisan gochuun barattoota keessaan madaalaa.
- Gilgaalawwanii fi battallee adda addaa qopheessuu naamusaa nyaata irratti gahumsa isa xiqqaa gonfachuu isaanii madaaluun mirkaneefaadhaa.

## Deebii Gilgaala 1.1

| T.L | Gosa Nyaataa | Guddinaa fi ijaarsa qaamaatiif | Anniisaa fi hoo`a kan kennu | Kandhibee ittisu |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Daabboo | | X | |
| 2 | Foon | X | | |
| 3 | Qurxummii | X | | |
| 4 | Dhadhaa | | X | |
| 5 | Dinnicha | | X | |
| 6 | Raafuu | | | X |
| 7 | Burtukaana | | | X |
| 8 | Muuza | | X | |
| 9 | Buphaa /killee | X | | |
| 10 | Zayiita | | X | |
| 11 | Atara | X | | |
| 12 | Baaqelaa | X | | |
| 13 | Qooccoo | X | | |
| 14 | Aannan | X | | |

## Deebii gilgaala 1.2

### I. Filannoo

1.D

2.D

3.A

4. C

5. D

**II. Deebii sirrii ta’e kennuu**

1.Kan biqiloota irraa argaman **mokoronii, daabboo, biddeena** fa’a.

2. Kan bineeldoota irraa argaman **dhadhaa, buphaa, cooma** fa’a.

# 1.2 Fayyaa Keenya (wayitii17)

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana erga baratanii booda barattoonni:

- Hiikkaa fayyaa ni kennu.
- Amaloota nama fayyaa qabu irraa mul’atu ni himu.
- Mallattoolee nama dhibame irraa mul’atan ni tarreessu.
- Faayidaawwan fayyaa ni tarreessu.
- Wantoota dhibee namatti fidan irraa of eegu.
- Yoo mallattoon dhibamuu isaanitti dhagahame barsiisaa/tuu fi maatii isaanitti himachuu ni amaleeffatu.
- Amaloota nama fayyaa fi dhibamaa wal madaalchiisuun ni agarsiisu.

## Qophii Duraa

✓ Kitaabilee fi barreeffamoota waa’ee fayyaa irratti barreeffaman dubbifachuu fi ogeessa fayyaa mari’achiisuun sababoota dhibee fi akkataa ittiin dhibee ofirraa ittisuun danda’amu irratti hubannaa barbaachiisu horadhaa.

✓ Fakkiiwwan adda addaa, chaartiiwwan, moodeelota dursanii qopheeffachuun ykn kan qopha’ee wiirtuu fayyaa /buufata fayyaa naannoo keessanitti argamu irraa fudhachuun of eeggannoo fayyaaf godhamuu qabu barattoota qabsiisuun barbaachisaadha.

## Mala Baruu Barsiisuu

Maloonni mata duree kana barsiisuuf fayyadan diraamaa, oggeessa affeeruun, taphaan, marii garee, gabaasa fi akkeessuu fa’a.

Namni yeroo jalqaba wal arguu maal wal gaafataa? Gaaffii jedhu gaafachuun barattoonni akka namoota bakka adda addaa irraa dhufanii ta’uun akkeessanii

nagaa yeroo wal gaafatan gahee taphachuun akka baratanii fi maalummaa **fayyaa** akka hubatan taasisaa.Yeroo jalqaba wal argan akkam fayyaa keetii? Maatiin keessan fayyaadhaa? Waatiin, horiin, alaa manni fayyaa dhaa? Jechuun akka walgaafatanii hubatan gargaaraa.

Ogeessaa fayyaa affeeruun barattoonni maalummaa fayyaa,mallattoolee dhibee fi sababoota dhibee akka hubatan gochuun barbaachiisaa dha.

## Faayidaa Fayyaa

Barattoonni faayidaa fayyaa, mallattoolee nama fayyaa qabuu fi nama fayyaa hin qabnee armaan gaditti ibsame akka hubatan gargaaraa.

Jireenya guyyaa guyyaa keessatti namni jireenya isaaf, maatii fi biyya isaaf dalagaa dalaguu qaba. Dalagaa dalaguuf ammo fayyaa qabachuu qaba.

Kanaafuu, fayyaan guddina dhunfaa fi biyyaaf murteessaa ta'uu isaa hubachiisaa.
Mallattolee nama fayyaa qabu irraa mul'atan:

- Gammadaa fi cimaa dha.
- Dalagaa isaa haala gaarii ta'een ni raawwata.

Amaloota nama dhibame irraa mul'atan:

- Nagaan itti hindhaga'amu
- Gammadaa miti.
- Hojii isaa haala gaariin raawwachuu hin danda'u.

## Mallattoolee dhibee

Mallattoolee dhibee mataa bowwoo, garaa kaasaa, balaqqamsiisaa, gubaa/hoo'aa qaama garmalee, fedhiin nyaataa hir'achuu fa`a. Barataan/tuun mallattooleen kun irraa mul'aate maatii ofiitti, barsiisaa/tuu fi hiriyaa ofiitti himachuu qaba/di.

## Madaallii

- Gaaffiwwan gilgaala irratti kennamaniif deebii sirrii kennuu isaanii madaaluu,
- Faayidaa fayyaa hubachuun jijjiirama amalaa isaan irraa mul'atu hordofuun madaaluu,
- Dhibee irraa of eeguuf yaalii adda addaa isaan godhan hordofanii madaaluu,
- Mallattooleen dhibamuu yoo itti dhagahame gargaarsa argachuuf barsiisaa/tuu, hiriyootaa fi maatiin akka isaan gargaaraniif kaka'uumsa horatan hordofuun mirkaneeffachuu.

## Deebii gilgaala 1.3

## Deebii sirrii kennuu

1. Fayyaa jechuun nageenya qaamaa, sammuu fi hawaasummaa ti.
2. Mallattoon nama dhibame irraa mul'atan: bowwoo mataa, gubaaqaamaa, fedhiin nyaataa hir'achuu, garaa kaasaa, ballaqama (ol deebisaa) fa`a.
3. Mallattoon nama fayyaa ta'e irraa mul'atan: gammadaa ta`uu, ciminaqabaachuu, dalagaa sirnnaan raawwachuu fa`a.
4. Barsiisaa/ttuu, hiriyoota koo fi maatii kootti nan himadha.
5. Dhukkubsataa/ dhibamaa jedhama.

# 1.3 Qulqullina dhuunfaa keenyaa eeggachuu (wayitii 17)

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa;

Barattoonni barnoota kana erga xumuranii booda:

- Faayidaa qulqullina dhunfaa eeguun qabu ni ibsu.
- Maloota ittiin qulqullina dhuunfaa eeggatan ni tarreessu.
- Qulqullina qaama isaanii sirriitti ni eegu.
- Miidhaa qulqullina dhuunfaa eegachuu dhabuun dhufu ni ibsu.
- Dhibeewwan hanqina qulqullina dhuunfaatiin dhufan ni tarreessu.
- Eedsiin waltuqaatii dhiigaatiin akka daddarbu ni ibsu.

## Qophii Duraa

- ✓ Barbaachiisummaa qulqullina dhunfaa ilaalchisee kitaabilee fi barreefama adda addaa dubbisuun hubannoo cimsachuun barbaachiisaa dha.
- ✓ Ogeeyyii fayyaa waliin mar'achuun hubannoo horachuun barbaachiisa dha.
- ✓ Fakkiiwwan, poostarota, moodeloota fi chaartiiwwan adda addaa qopheefadhaa.

## Mala Baruu  Barsiisuu

Mataduree kana barsiisuuf maloota akka marii garee, ogeessa fayyaa affeeruu fa'a fayyadamaa. Barattoota qulqullina dhunfaa isaanii eeguun fakkeenya gaarii ta'an fuula duratti baasuun akka moodeelatti itti gargaaramuun ni danda'ama. As gubbaatti of eeggannoon barbaachiisu hamilee barattoota biroo eeguuf warra uffatni isaanii qulqulluu hin ta'iin xiyyeeffannaa kennuun miicachuu isaanii hordofuun gorsaan jajjabeessuu fi moodeela akka ta'an deeggaruunbarbaachiisadha**.**

Barnoota kutaa 1ffaa keessatti barattoonni waa'ee qulqullina dhuunfaa hubannoo hamma tokko qabaachuun isaanii fi beekumsaa fi muuxannoo akka qaban  ilaalcha keessa galchuun gaaffiiwwan bu'uuraa gaafachuun akka yaadatan gochuunbarbaachiisadha. Fakkeenyaaf,

A)  Qulqullina dhuunfaa keenya eeguu jechuun maal jechuu  dha?

**Deebii:** Qulqullina qaama keenya (miila, harka, dabbasaa, ilkaan, fuula fa'a), uffataa fi wantoota dhunfaan itti faayyadamnu hundaa of keessaa qaba.

B)  Qulqullina dhuunfaa eeguun faayidaa maalii qaba?

**Deebii:** Qulqullina dhuunfaa eeggachuun dhibeewwan adda addaa of irraa ittisuuf gargaara. Barachuuf, taphachuu fi hojjechuuf fayyaa qabaachuun murteessaadha.Qulqullina dhuunfaa ofii eeguun ofiis ta'e namoota birootiif gammachuu fi miidhagina kenna.

Kitaaba barataa keessatti qulqullina dhuunfaa eeguuf barattoonni maal akka gochuu qaban fakkiin tartiibaan kennameera. Barattoonni faayidaa qulqullina dhuunfaa eeguu fi miidhaa qulqullina eeguu dhiisuu akka sirriitti qayyabatan buufata yookiin wiirtuu ekisteenshinii fayyaa naannoo keessanitti argaman irraa ogeessa fayyaa affeeruun akka barsiisan gochuun barattoonni xiyyeefannaa akka kennan waan godhuuf mala gaariidha.

## Dhukkuboota Hanqina Qulqullinaatiin dhufan

Dhukkuboota hanqina qulqullinaatii9n dhufan akka tarreessan godhaa. Fakkeenyaaf, cittoo, raammoo maagaa, tiraakoomaa fi garaa kaasaa,

## **HIV/AIDS**ii

Waa'ee HIV/AIDSii maal akka beekan gaafadhaa. Akkamitti akka daddarbu irratti mariisisaa.

AIDSn dhukkuba namarraa namatti darbudha. Karaalee armaan gadiitiin daddarba.

1. Waltuqaatii dhiigaatiin
2. Meeshaalee qara qaban kanneen akka lilmoo, qaraba, haaduu, mutaa fa'a waliin gargaaramuun.

Tooftaa ittisaa:

- Waltuqaatii dhiigaa irraa ofeeguu,
- Meeshaalee qara qaban waliin fayyadamuu dhiisuu

## Madaallii

- Gaaffiilee kitaaba barataa keessatti dhiyaatan deebii sirrii ta'e kennu isaanii madaaluu.

- Hojii daree,hojii manaa,iyyaafannoo adda addaa isaaniif kennamee of danda'aanii hojjeechuu isaanii duukaa bu'uun madaaluu.
- Qulqullina isaanii hagam akka eeggatan ilaaluun jijjiirama amalaa fi muuxannoo horatan madaaluu.
- Battaleewwan adda addaa kennuun hagam akka qayyabatan madaaluu.
- Karaalee dhukkubni AIDS ittiin daddarbuu fi maloota ittisa dhukkuba AIDS ibsuu danda'uu isaanii madaaluu

## Deebii gilgaala 1.4

**A. Filannoo**

1.D2.B3.D4.D5.D6.D

**B. Dhugaa ykn Soba**

1. Soba
2. Soba
3. Soba
4. Dhugaa
5. Dhugaa
6. Soba

**C. Deebii gabaabaa kenni**

1. A. Harka Saamunaandhiqachuu
   B. Iddoo nyaanni itti nyaatamutti argamuu
   C. Bishaan dhugaatii qulqulluu qopheeffachuu
   D. Sirnaan nyaata fuul dura taa'uu
   E. Nyaanni harca'ee uffata akka hin xureessine of eegachuu
2. A. Yoo namoota waliin nyaannu gama ofiin nyaachuu
   B. Suuta alanfachuun liqimsuu
   C. Hanga alanfachuu dandeenyuu qofa afaan kaa'achuu
   D. Nyaata nyaachaa yookaan alanfachaa haasa'uu fi kolfuu irraa of qusachuu
   E. Nyaata hamma nu barbaachisa qofa nyaachuu
3. A. Harka dhiqachuu
   B. Afaan lulluuqqachuu
   C. Bakka itti nyaatan qulqulleessuu fi
   D. Meeshaa ittiin nyaatan qulqulleessuun seeraan ol kaa'uu

**D. Tartiiba Sirrii**

1.Ganama hirribaa ka’uu

2.Mana fincaanii deemuu

3.Harkaa fi fuula dhiqachuu

4.Ciree nyaachuu

5. Ilkaan rigachuu

# BOQONNAA LAMA

# HAWAASA NAANNOO KEENYAA

(Wayitii 53)

## Bu'aa Barnoota Boqnnichaa

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota baqonnaa kanaa erga xumuranii booda:

- Miseensota hawaasa naannoo isaanii fi ofii isaanii umriin ni ramadu.
- Mirgoota daa'immanii keessaa muraasa ni ibsu.
- Sarbamuu mirgoota daa'immaniif fakkeenya ni kennu.
- Mirgoonni daa'immanii akkamitti kabajamuu akka danda'amuu irratti yaada ni kennu.
- Gochaawwan guyyaa guyyatti raawwataman karoorsuu ni shaakalu.
- Hojiiwwan hawaasummaa umrii isaanii waliin wal-gitu irratti hirmaachuuf fedhii ni horatu.
- Faayidaa anniisaan hawaasa naannoo isaaniitiif kennu ni ibsu.
- Maddoota anniisaa ni tarreessu.
- Wixinee kaartaa kaasuu fi meeshaalee walitti qabsiisuu ni shaakalu.
- Moodeelota waraqaa fi supheedhaan midhaagsaniini tolchu.
- Ogummaalee qo'annoo saayinsaawaa boqonnaa kana waliin deeman kan akkailaalanii hubachuu, galmeessuu, ramaduu, safaruu, waliin jiraachuu, moodeelotatolchuu fi walgargaaranii hojjachuu fa'a irratti shaakaluu ni danda'u.

| **Qabiyyee** | **Wayitii** |
|---|---|
| 2.1 Miseensota Hawaasa Naannoo Keenyaa---------------------------------------- | 15 |
| 2.2 Hawaasa Keessa Jiraachuu ------------------------------------------------------ | 14 |
| 2.3 Hawaasni Keenya Anniisaa Barbaada ------------------------------------------- | 9 |
| 2.4 Wantoota Suphee, Pilaastika Lallaafaa fi Waraqaa Irraa Tolchuu---- | 15 |
| **Ida`ama** | **53** |

## Qabxiilee Ijoo

Boqonnaa kana keessatti barattoonni akkaataa miseensotni hawaasa naannoo isaanii garee umriitiin itti qoodaman ni qayyabatu. Kanuma waliin ofii isaaniitii garee umrii daa'immanii keessatti akka miseensota hawaasaatti of ramaduu qabu. Daa'immummaa isaaniitiin mirgoota qabanii fi dirqama bahachuu qaban adda baafachuu qabu. Akaakuwwan anniisaa fi faayidaalee anniisaan hawaasa naannootiif qabu adda baasuun ilaaluu. Karaa biraatiin barattoonni wantoota sasalphoo naannoo isaaniitti argaman irraa moodeelota wantoota adda addaa qopheessuu danda`uu qabu.

# 2.1 Miseensota Hawaasa Naannoo Keenyaa Garee Umriitiin

## Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga xumuranii booda:

- Miseensoota hawaasa naannoo isaanii gareewwan umuriitiin ni ramadu.
- Mirgoota daa'immanii ni tarreessuu.
- Akkaataa miirgoonni daa'immanii ittiin sarbaman ni ibsu.
- Karaalee mirgoonnii daa'immanii ittiin kabajaman ni himu.

## Qophii Duraa

- ✓ Gabateewwan, fakkiiwwan, chaartiiwwan fi Poostaroota adda addaa kan kitaaba keessatti argamanii fi kanneen biroo qopheeffadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Hubannoo barattoota beekuuf mata duree kana barsiisuun dura gaaffiilee adda addaa gaafachuun gaarii ta'a. Kanaafuu, gaaffileen kanneen akka armaan gadii dhiyaatu qabu. Hawaasni maali? Miseensoonii hawaasaa naannoo keenyaa eenyuun fa'a hammata? fi kanneen biroo gaafachuun akka yaada mata isaanii burqiisiisuun barreessanii irratti waliin mari'atan taasisaa.

Gaaffiilee dhiyaatan kanaaf deebii barattoonni kennan bu'uura gochuun gareen namoota naannoo murtaa'aa ta'ee tokkoo keessa jiraatan hawaasa akka jedhaman ibsaafii. Hawaasni naannoo keenyaa miseensoota umurii adda addaa irratti argaman kan of keessatti hammatu ta'uu isaa hubachiisaa. Miseensonii hawaasa naannoo keenyaa gareewwan umurii afurittii qoodamu. Isaaniis:
1ffaa. **Garee umurii waggaa 0-14:** Umurii waggaa "0" jechuun daa'iimman waggaa tokkoo gadii hunda akka ta'e itti himaa. Gareen umurii waggaa "0" hanga umurii waggaa 14kun miseensota hawaasaa daa'iimman jedhamuun akka moggaaffamuu fi miseensonni hawaasaa kun qaamanis ta'e sammuun waan hin jabanneef gargaarsa maatiitiin akka jiraatan baratootuma fakkeenya gochuun hubachiisaa.

2ffaa. **Garee umrii waggaa 15-30:** Miseensonni hawaasaakun dargaggoota/shamarran jedhamuun beekamu. Miseensonni hawaasaa kun cimina qaamaa waan qabaniif oomisha keessatti gahee guddaa qabu.

3ffaa. **Garee umrii waggaa 31-64:** Miseensota hawaasaa kun ga'eessota jedhamuun akka beekkaman itti himaa. Gareen kun qaamanis ta'ee sammuun kan jabaatan ta'uu isaanii fi humna hojjatee callaa calleessuu danda'an akka ta'an maatii barattootaa fakkeenya gochuun ibsaafii.

4ffaa. **Garee umrii waggaa 65 fi olii :**Miseensonni hawaasaa kun manguddoota jedhamu. Isaan kun qaamaa fi sammuun dadhabaa waan deemaniif hojii irratti hirmaannaan qaban xiqqaa ta'uu isaa fakkeenya manguddoota naannoo isaanii keessaa fudhachuun qayyabachiisaa.


Barattoonni tokkoon tokkoon isaanii miseensoota maatii isaanii gareewwan umriitiin ramaduun gareewwan kanneen keessa namni meeqa meeqa akka jiru himu qabu. Barattoonni ragaalee gareewwan umrii maatii isaanii walitti makanii miseensota maatiiwwan isaaniitiif proofaaylii umurii akka qopheessuu danda'an gargaaraa.

**Deebii Gocha 2.1.**

Gabatee 2.1 Moodela baay'iina miseensoota maatiiwwanii garee umuriitiin

| | Umurii 0-14 | Umurii 15-30 | Umurii 31-64 | Umurii 65 fi oli |
|---|---|---|---|---|
| Baay'iina Miseensotaa | 80 | 40 | 30 | 10 |


Baay'inni miseensota maatii kanaa yeroo giraafiidhaan agarsiifamu akka armaan gadiiti.




*Giraafii 2.1 Baay'inna miseensota hawaasaa garee umriitiin*

Kanumaa waliin barattootni hawaasa keessatti garee umrii kam keessatti akka ramadaman adda baasanii akka beekan taasiisaa.

Ittii aansuun barattoonni ofii isaanii walakkeessa of godhanii namoota beekan kan biroo immoo fiixee sararaawwan irra ka'anii daanaa daara-baaftuu(spiderdiagram)akka kaasaan gargaaraa.




*Fakkii 2.2 Moodeela daanaa daara baaftuu*

## Hawaasaa Keessaattii Gahee Daa'imanii

Barattoonni hawaasa naannoo isaanii keessatti shoora akka qaban hubaachiisuun barbaachiisaadha.Kanaafuu, maatii isaanii fi hangaafoota isaanii kabajuu akka qabanii fi barnoota isaanii haalan hordofuu akka qaban hubahiisaa.

## Madaallii

Adeemsa barnoota mata duree kanaa jalatti sochii barattoonni daree keessatti argisiisan, gaaffilee kitaaba keessatti gaafatamanii fi kanneen biroo hordofuun madaalaa.

**Deebii Gilgaala 2.1**

**A.Dhugaa yookaan Soba**

1.Dhugaa 2. Dhugaa 3.Soba

**B. Firoomsuu**

1. C 2. B C. A

4. C 5. B 6. D

# Mirgoota Daa’immanii

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonii barnootaa kana erga baratanii xumuranii booda:

- Mirgoota daa’immanii bu’ura ta’an ni tarreessu.
- Akkaataa mirgoonni daa’immanii ittiin sarbaman fakkeenya ni kennu.
- Karaalee mirgoonni daa’immanii ittiin kabajaman ni ibsu.

## Qophii Duraa

- ✓ Meeshaalee deggersa barnootaa barannoowwan mata duree xiqqaa kana dhiyeesuuf barbaachiisan:
  - ➢ Chaartii akkaakuu mirgoota daa’immani agarsiisu
  - ➢ Chaartii karaalee mirgootni daa’immanii ittiin sarbaman agarsiisuu.
  - ➢ Chaartii qaamoolee sarbamni mirgoota daa’immanii itti gabaafamu agarsiisuu fi chaarttiiwwan adda addaa qopheeffadhaa .

## Mala Baruu Barsiisuu

Jalqaba barnoota mata duree kana irratti hubannoo barattootaa beekuuf gaafiilee adda addaa gaafadhaa. Gaaffiileen mata duree barnoota kanaan wal-simaan kanneen akka: Mirga jechuun maal jechuu dha? Daa’immaan mirga akkamii fa’a qabu? fi kkf.

Hubannoo barattootaa irraa ka’uun mirgi wantoota jireenyaaf barbaachisaa ta’an argachaa sammuu fi qaaman osoo hin jeeqamin bilisaan jiraachuu ta’u isaa ibsaafii. Itti aansuun mirgoonni daa’immanii adda bahanii kaa’aman garee sadiitti ilaaluun akka danda`amu hubachisaa. Isaanis:

- Mirga bakka jireenyaa, mirga nyaataa fi mirga uffataa argachuu ti.
- Mirga hojjiiwwanii fi balaawwan miidhaa geesiisan irraa ittiiffamuu.Taateewwaanii fi gochaaleen daa’iimman irratti miidhaa geessiisan mul’atan naannoo mana jireenyaatti, hawaasa keessattii fi mana

barnoota keessatti yammuu ta’u, fakkeenyaa kitaaba irratti ka’ametti fayyaadamuun tokkoo tokkoo isaanii gadifageenyaan hubaachiisaa.

- Daa’imman mirga barachuu akka qaban qayyabachuu qabu. Karaa-biraatiin, daa’imman akkuma mirgoota qaban hunda dirqaamas qabaachuu isaanii ibsaafii.

Chaartii 2.1 Chaartii Mirgoota Daa’immanii agarsiisu

Mirgoota Daa’immanii

- Mirga wantoota bu’uura Jireenyaa argachuu
- Mirga gochaalee miidhaa geesiisan irraa ittiffamu
- Mirga barachuu

## Madaallii

- Gaaffiilee adda addaa adeemsa baruu barsiisuu giddutti gaafatamanii fi marii geggeesaniin deebii kennan irraa haala qayyabannaa isaanii madaaluun mirkaneeffachuu dha.

**Deebii Gilgaala 2.2**

**A. Dhugaa yookaan soba**

1. Soba
2. Dhugaa
3. Dhugaa
4. Soba
5. Dhugaa

**B. Deebii sirrii kennuu**

1 a) Mirga wantoota bu’ura jireenyaa argachuu
  b) Mirga gochaalee miidhaa geesiisan irraa ittiiffamuu
  c) Mirga barachuu
  d) Mirga yaalamuu

2. a) Bishaan danfaan gubachuu
  b) Balaa ibiddaa
  c) Waantota qara qabaniin miidhamuu

3. a) Balaa konkolaataa
   b) Muka irraa kufuu
   c) Tapha keessaa miilli miliquun miidhamuu

## Sarbamuu Mirgoota Daa'immanii Fi Karaalee Mirgoonni Kunniin Ittiin Kabajaman

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kana erga xumuranii booda:

- Akkaataa mirgoonni daa'immanii ittiin sarbaman ni tarreesu
- Sarbama mirgoota daa'immaniif fakkeenya ni kennu
- Karaalee mirgoonni daa'immanii ittiin kabajaman ni ibsu
- Qaamman sarbamni mirgoota daa'immanii itti gabaafamu ni tarreessu.

## Qophii Duraa

✓ Meeshaaleen deggersa barnoota kana dhiyeessuuf barbaachisan:
  - Chaartii sarbama mirgoota daa'immanii agarsiisu
  - Chaartii karaalee mirgootini daa'immanii ittiin kabajamuu fi qaamman sarbamni mirgoota daa'immanii itti gabaafamu qabu qopheeffadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Mirgoonni daa'immanii eenyuun akka sarbamuu danda'an barattoota gaafachuun irratti akka mari'atan taasisaa.

Mirgoonni daa'immanii kan sarbamu qaama daa'ima guddisuuf itti gaafatamumaa qabuun akka ta'e hubaachiisaa.Qaaman kunniinis:


- Maatiwwan daa'immanii
- Fira dhiigaa daa'immanii
- Dhaabbilee hawaasaa, mootummaa fi mit-mootummaa ta'uu akka danda'an hubachiisaa.

Gochaalee daa'imman miidhan kanneen akkamii akka ta'an gaafachuun irratti mari'aachiisaa. Dagatamuu yookiin xiyyeeffanaa dhabuu, adabbii qaama, midhaa

sammuu, umrii malee heerumuu, kittaanamuu, yaalamuu dhabuu, gudeedamuu, fa’a akaakuwwaan sarbamuu mirgoota daa’immanii akka ta’an haala qabatama naannoo isaaniitiin wal-qabsiisuun qayyabachisaa.

Chaartii haallan mirgoonni daa’immanii ittiin sarbaman agarsiisu qopheessuun daree keessatti fanniisuun agarsiisaa.

*Chaartii 2.2 Haallan Mirgoonni Daa’immanii Ittiin Sarbaman*




Karaalee mirgootnidaa’immanii ittiin kabajamanii fi rakkooleen sarbamuu mirgoota daa’immanii eenyuuf gabaafamuu akka qabu irratti akka mari’atan taasisaa.Mirgoota daa’immanii kabachiisuu keessattii hirmaannaan hawaasaa fitarkaanfiin mootummaan fudhatamu gahee ol’aana akka qabu hubachiisaa.

Adeemsa mirgoota daa’immanii kabachiisuu keessattii gochi jalqabaa rakkoo mul’atee gabaasuu akka ta’e barattootatti himaa. Qaamman dhimmi kun itti gabaafamuu qabus waajjira bulchiinsa aanaa, magaalaa fi gandaa, waajjira poolisii, waajjira dhimma dubartootaa fi daa’immanii bulchiinsa mana barnootaa fa’a akka ta’an qayyabachiisaa.

## Madaallii

- Barnoota kana keessatti sadarkaa marii barattootaa gaafii afaanii fi gilgaalota kennaman hojjachuu hordofuun madaalaa.

**Deebii gilgaala 2.3 gahee barattoonni taphatan hordofuun madaalaa**

**Deebii Giligaala 2.4**

**A. Dhugaa yookaan Soba**

1. Dhugaa 2. Soba 3.Dhugaa 4.Dhugaa

**B. Filannoo**

1. D 2. A 3.D 4. D

**C. Deebii sirrii kennuu**

1. a. Wantoota bu'ura jireenyaa dhabuu
   b. Hojii humnaa olii hojjechuu
   c. Umrii malee heerumuu
2. a. Mirgoota daaimmanii ilaalchisee maatii fi hawaasaaf hubannoo qabsiisuu
   b. Manneen barnootaa keessatti barattootaaf hubannoo kennuu.

# 2.2 Hawaasa Keessa Jiraachuu

## Gochaawwan Guyyaa Karoorsuu ( Wayitii 14 )

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonnii barnoota kana erga xumuranii booda:

- Gochawwan guyyaa guyyaatti raawwatan karoorsuu ni shaakalu.
- Goshawwan hawaasa keessatti sadaraka umurii isaaniitti hirmaachuf fedhii ni agarsiisu.
- Ogummaa of to'achuu sadarkaa isaaniitti ni agarsiisu.

### Qophii Duraa

✓ Gabatee karoora hojii agarsiisu qopheessuu

✓ Chaartii faayidaalee karooraa agarsiisu qopheessuu

## Mala Baruu Barsiisuu

Karoorrii maal akka ta'e dursanii ibsuun barbaachiisaa dha. Karoorrii waan fulduraattii hojjachuu barbaadne tokko dursanii itti yaadanii qopheeffachuu dha. Karoorrii hojii faayidaalee armaan gadii qaba.

- gocha raawwatuu qabnu sirritti itti yaaduuf carraa nuuf uuma
- dabaree hojiiwwan itti hojjatamuu qaban nu agarsiisa
- wanta hojjatamuu qabu nu yaadachiisa
- yeroo qusaannaan qoqqoodnee akka itti fayyadamnu kan nu taasisu ta'uu isaa hubachiisaa.

## Madaallii

- Barnoota kana gaaffilee afaanii kan akka maalummaa karooraa fi faayidaalee karooraa irratti xiyyeeffatan barattoota gaafachuun hubannoo isaaniimadaalaa.

## Sagantaa Guyyaa Yookiin Torbee Qopheesuu

## Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga xumuranii booda:

- Gochaawwan guyyaa guyyaan hojjachuu qaban ni tarreesuu
- Gochawwan raawwachuu qaban dabaree yerootiin ni qoodu
- Iddoo gochawwan adda addaa ittii hojjataman ni himu.

## Qophii Duraa


- ✓ Gabatee kitaaba barataa irraa waraqaa guddaa ta'e tokko irratti qopheeffadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Barattootni gochaalee guyyaa guyyaan raawwatan dabaree yerootii fi bakka itti raawwatan adda baasan akka tarreesan taasiisaa. Gochaaleen raawwataman bal'inaan waaree dura, waaree boodaa fi galgalatti qoqqoodamu. Bakki hojiin karoorfame itti hojjatamu immoo mana jireenyaa, mana barumsaa fi hawaasa

keessatti akka ta'e hubachiisaa. Gochawwan guyyaa guyyaan hojjachuu qaban kitaaba barataa irratti tarreeffamanii jiru. Kanaan wal-faana gabateen gochaaf qophaa'e kaa'amee jira. Barattoonni gabatee  kitaaba barataaa irratti qophaa'e kanaan:

- Gochaalee guyyaa tokko keessattii raawwatan sa'atii fi daqiiqaan
- Hojiiwwan hojjachuu qabaniif chaartii dabareewwanhojii guyyaa tokkotti hojjataman akka qopheeffatan gargaaraa. Fakkeenyaaf:Hojiiwwan waaree dura hojjatamuu qaban




*Fakkii 2.3 Moodeela  karoora marsaa hojii waaree duraa*

Hawaasa keessayammuu jiraatan kabaja namaaf kennuu fi balaa adda addaa irraa of eeguu akka qaban akeekaachiisaa.Mana barnootaattii gumii keessatti hirmaachuu barbaadan tokko tokkoon gaafachuun faayidaalee gareen gurma'uu akka hubaatanii fi muxxannoo waliin hojjachuu akka argatan taasiisaa.

### Madaallii

- Barattoonni guyyaa guyyaan akkaataa hojii keessatti itti of too'atan, karoora qopheeffatanii fi qabxiilee kitaabaa irratti ka'amanitti fayyadamuun akka of madaalan taasiisaa.
- Barattoonni karoora hojii guyyaa tokkoof qopheessanii chaartiin agarsiisanhordofuun madaalaa.

**Deebii Gilgaala 2.5**

**A. Dhugaa yookiin Soba.**

1. Dhugaa 2. Dhugaa 3.Soba

**B. Deebii sirrii kennuu.**

1. a) Hojiin hojjatamu qabu akka hin dagatamne nu gargaara.
   b) Yeroo qusannaan ittiin fayyadamuuf
2. Karoora barataan/ttuun guyyaa guyyaatti hojjechuuf qopheeffate/tte ilaaluun badaalaa.

# 2.3 Hawaasnii Keenyaa Anniisaa Barbaada

**(wayitii 9)**

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaa booda barattootni:

- Faayidaa anniisaan hawaasaaf qabu ni ibsu
- Maddoota anniisaa ni barreessu.

### Qophii Duraa

- ✓ Chartii maddoota annisaa agarsiisan qopheeffadha.
- ✓ Anniisaa aadaa fi kan geejjibaa isaan kam akka ta'an waraqaa irratti fakkii isaanii qopheeffachuun bakka barataan argutti fannisaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Mata duree kana barsiisuu jalqabuun dura hubannoo barattootaa beekuuf gaaffilee armaan gadii gaafachuun eegalaa.

- Anniisaa jechuun maal jechuudha?
- Akaakuuwwan aaniisaa maal fa'a?
- Akaakuuwwan anniisaa mana jireenyaa keessanitti guyyaa guyyaan faayyadamtan maal fa'a?

Anniisaan dandeettii hojii hojjachuu ta'uu fi bubbeen, aduu, annisaan bishaan yaa'u, annisaan elektiriikii, gaazii uumamaa, peetirooliyeemii fi dhagaan cilee, maddoota anniisaa akka ta'an hubachiisaa. Barbaachiisummaa yookiin faayidaalee anniisaa haala armaan gadiitiin ibsaafii.


Anniisaan nyaata bilcheessuuf fayyada, fakkeenyaa ibiddaa, sunsuma gaazii fi eleektrikii fudhachuun ibsaafii. Anniisaan meeshaalee adda addaa sochoosuuf akka nu fayyadus ibsaafii. Fakkeenyaaf:

- Meeshaa warshaa daakuu fa'a sochoosuuf
- Maashinii hojii mukaaf
- Meeshaa qabbaanesiituuf
- Teeleevizhiinif
- Teepriikoordaraaf
- Viidiyoo kaameeraaf
- Mana keessattii hoo'a kennuu fi
- Ifaa argaachuuf, uffata miicame goggossuu fi kaawuyaadhaan sirreessuuf nu fayyada.


Karaa biraatiin, anniisaan tajaajila geejjiibaatiif nu fayyada. Fakkeenyaaf: konkoolaataan, baaburrii, doonii fi xiyyaarri fa'a kan socho'an boba'an akka ta'e hubachiisaa. Barnoota mata duree kanaa itti fufuun maddoonni anniisaa bakka sadiitti akka qoodaman itti himaa.

Isaanis**:**


- Anniisaa naannoo irraa argaman kanneen akka qoraanii, cilee, koboota fi galabaa fa’a.
- Boba’aa geejjibaa kanneen akka peetirooliyeemii, gaazii uumamaa fi dhagaa cilee fa’a.
- Anniisaa uumamaa kanneen akka ho’a aduu, bubbee, bishaan yaa’uu fi hoo’a bishaan lafa jalaa ol bahu fa’a.




*Fakkii 2.4  Danaa daara baaftuu anniisaa uumamaa*




*Fakkii 2.5 Danaa daara baaftuu anniisaa boba'aaaadaa*




*Fakkii2.6 Moodeela daara baaftuu anniisaa boba'aa geejjibaa*

## Madaallii

Gaaffilee adda addaa kitaaba keessattii ka'amanii fi gilgaalatti fayyadamuun akkaataa hordoffii barattootaa too'aachuun hirmaannaa isaanii madaaluu .

**Deebii Gilgaala 2.6**

**A. Filannoo**

1. D
2. D
3. C
4. B

**B. Deebii sirrii ta`e tarreessuu**

1. a) Nyaata bilcheesuuf
   b) meeshaalee adda addaa sochoosuuf
   c) hoo'a fi ifaa kennuuf
2. a) Qoraan
   b) Cilee
   c) Kobota

# 2.4 Wantoota Suphee, Pilaastika Lallaafaa fi Waraqaa Irraa Tolchuu (Wayitii 15)

**Wixinee Moodeela keenyaa Hojjachuu**

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota kana erga baratanii xumuranii booda :

- Wixinee moodelotaa ni kaasu
- Waraqaa adda addaa wal-qabsiisuun moodeela miidhagaa ni tolchu.
- Moodelota sasalphoo ni qopheessu.

## Qophii Duraa

✓ Mata duree kana barsiisuuf meeshaaleen barbaachisan moodeloota akka giloobii, moodeela caasaa qaama namaa, moodela sirna biiftuu qopheeffadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Barnoota mata duree kanaa jalatti moodeelii maal akka ta'e barattoota gaafachuun eegalaa. Hubannaa isaanii irraa ka'uun moodeelii wantoota qabataman lafa irra jiran bakka bu'uun akka tajaajilan ibsaafii .

Wanti qo'aachuuf barbaadne karaa salphaa ta'een moodeela waan sanii qopheessuun akka danda`amu hubachiisaa. Maalummaa moodeelaa akka qayyabatan, moodeeloota adda addaa naannoo mana barnootaatti argaman gara daree barnootaatti fiduun agarsiisaa.Fakkeenyaaf:

- Giloobii-moodeela lafaa
- Moodeela caasaalee qaama namaa
- Moodeela konkoolaataa fa'a .

Barnoonni mata duree kana piroojeektii lamaa of keessaa qaba.Piroojeektiin inni jalqabaa wixinee moodeela keenyaa hojjachuu. Kanaafuu gochi jalqabaa wanta moodeelli tolchamuuf sana naannoo isaanii keessaa akka filatan taasisuu qabdu.

Fakkeenyaaf:

- Hubboo bishaanii
- Mana jireenyaa
- Jabanaa bunaa fi fuula namaa fa'a.

Itti aansuun fakkii wanta moodeela tolchuufi barbaadan sana waraqaa irratti akka kaasaan gargaaraa. Fakkeenyaaf hubboo bishaaniitiif moodeela hojjachuuf,kutaalee midhagina hubboo bishaanii akka adda baasaan gargaara. Kutaaleen midhagina hubboo kan hammatu: afaan, bal'inaa fi gurroo lammani akka ta'an itti agarsiisaa. Adeemsi itti aanu kutaalee midhaaginaa, fakkii hubboo akka mummuran gargaaraa. Fakkii hubboo bishaanii kaasan irratti afaan, gurroo fi garaan hubboo muraamanii kophaa kophaatti akka bahu taasisaa. Dhuma irratti, kutaalee midhaaginaa fakkeenyaaf hubboo bishaanii deebiisanii waliti akka qabsiisaan gargaara. Kutaalee midhaginaa deebiisanii walittii qabsiisuuf haphee, bulluqaa fi wantoota biroo fayyadamuun ni danda`ama.

Piroojeektii isa lammaffaa irratti barattoonni wanta moodeela tolchuu barbaadaniif boca akkaa qiyyaasan taasiisaa. Itti aansuun, kaartoonii fi dhoqqetti fayyadamuun moodeela fakkeenyaaf hubboo bishaanii akka tolchan gargaaraa.

## Madaallii

- Barattotaaf piroojeektii adda addaa moodeelota garagaraa wantoota addaa addaa naannoo isaaniitti argaman irraa akka tolchan taasiisuun sadarkaa hubannoo isaanii madaaluun mirkaneeffadhaa.

**Deebii Gilgaala 2.7**

**A. Filannoo**

1. B    2. B    3. D

**B. Dhugaa yookaan soba**

1. Dhugaa    2. Dhugaa    3. Soba

# BOQONNAA SADII

# NAANNOO UUMAMAA KEENYA

**(Wayitii 58)**

## Bu`aawwanBarnoota Boqonnichaa

Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga xumuranii booda:

- Ta’iiwwan uumamaa tokko tokko akka marsaa uumamaa isaan kuun ammoo yeroo tokko tokko akka uumamani itti ni ibsu.
- Yuuniitiiwwan safaraa aadaa fi ammayyaa addaan baasuun ni ramadu.
- Wantoota kan uumamaa fi namtolchee jechuun erga qoodanii booda tekischaraafi ulfaatina isaanitiin ni ramadu.
- Gosoota qabeenya uumamaa addaan baasanii tarreessuun faayidaa fi tooftaalee qabeenya uumamaa naannoo isaani ittiin kunuunsan ni ibsu.
- Qaamolee biqilootaa ni agarsiisu; iddattoo tokko tokko walitti qabuufi dalagaa isaanii ni himu.
- Midhaan guddachuuf maaltu akka barbaachisu ibsuu, meeshaalee midhaan guddisuuf barbaachisan tarreessuu ni danda’u.
- Bineeldoota akkataa walhormaataa, sochii amala nyaataa, bidoollee fi waan qaama isaanii uwwisuun ni ramadu.
- Meeshaalee bu’aa bineeldotaa ta’an irraa hojjetaman fi wantoota beeyladoota qonnaa kunuunsuuf gargaaran addaan ni baasu.
- Ogummaalee qo’annoo saayinsawaa boqonnaa kana keessaa kaneen akka: ilaalanii, hubachuu, gaafachuu, ramaduu, safaruu, galmeessuu, waliin mar’achuu, moodeloota hojjechuu fi waliin hojjeechuu ni shaakalu.

**Qabiyyee** **Wayiitii**

3.1 Ta'iiwwan Uumamaa-----------------------------------------------------17

3.2 Qabeenya Uumamaa ------------------------------------------------------13

3.3 Biqiloota Naannoo Keenyaa ------------------------------------------------15

3.4 Bineeldoota Naannoo Keenyaa---------------------------------------------13

**Ida'ama---------------------------------------------------------------------------58**

# Qabxiilee Ijoo

Boqonnaa kana keessatti ta'iiwwan uumamaa; marsaa eegatanii uumamanii fi darbee darbee uumamaan, qabeenya uumamaa; faayidaa fi kunuunsa taasifamuufii qabu, biqiloota naannoo keenyaa; qaamota biqilootaa fi dalagaa tokko tokko isaanii, bineeldoota naannoo keenyaa haala madaqiinsa nama waliin qabaniin, bidoolleen, haala wal- hormaataan, haala soorataan, haala sochii fi uwwisa qaama isaanitiin ramaddiin kennameef irratti xiyyeefannaa kennuun barattoota gad fageenyaan hubachiisuun barbaachiisaadhaa.

# 3.1 Ta'iiwwan uumamaa ( wayitii 17)

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mataa duree kana erga baratanii booda:

- Ta'iiwwan uumamaa tokko tokko ni tarreessu.
- Taa'iiwwan guyyaa, halkaniifi waqtiileen adeemsa marsaa eeggachuun akka uumaman ni ibsu.
- Ta'iiwwan Uumama kanneen akka sabbataa Waaqaa fi lolaa yeroo tokko tokko akka uumaman ni ibsu.
- Jireenyi lubbuu qabeeyyii marsaa jireenyaa sadarkaa adda addaa keessa akka darbu ni himu.

## Qophii Duraa

- ✓ Kitaaboota waa'ee uumamuu halkanii fi guyyaa akkasumas waqtiilee dubbisuudhaan hubannoo keessan gabbifadhaa.
- ✓ Fakkii uumama marsaa guyyaa fi halkanii akkasumas, waqtiilee waggaa agarsiisu qopheefadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Barnoota mata duree kana jalatti dhihaate barattootaaf maloota adda addaatiin barsiisuu ni dandeessu. Haala kanaaf akka tolutti ta'iiwwan akkataa uumama isaanitti kanneen marsaan uumamaanii fi darbee darbee yeroo tokko tokkoo kan uumamaanitti gargaar qooduun dhiheessuun hubachiisaa.

Ta'iiwwan marsaan uumaman, marsaa isaanii eegatanii uumaman halkan, guyyaa fi waqtiilee ta'uu isaanii akka hubatan gargaaraa.Akkasumas ta'iiwwan uumamaa yeroo tokko tokko darbanii darbanii uumaman kanneen akka sabatta waaqaa, hongee fi lolaa fa'a ta'uu qayyabachiisaa.

## Ta'iiwwan marsaan uumaman

## Guyyaa

*Wayitii guyyaa maal fa'iitu hojjetamaa?*

Gaaffii kanaaf barattoonni erga deebii kennanii booda guyyaan wayitii aduun baatuu fi seentu gidduu jiru ta'uu isaa, dalagaan qonnaa, hojiin waajjiraa, barnoonni idilee  fi dalagaa baay'een yeroo itti raawwatu ta'uu isaa akkasummas yeroo ifni, hoo'i fi sagalee yookiin wacni jiru ta'uu isaa barattoonni akka hubatan taasisaa.

## Halkan

Aduun seentee hanga baatutti wayitii jiruu ta'uu isaa, dacheen dukkana waan taateef wayitiin kun dalagaaf kan hin mijoofnee ta'uu fi namoonni hojii irra oolan

gara mana isaanitti deebi'anii rafuun wayitii boqotan ta'uu barattoonni akka hubatan taasisaa.

## Madaallii

- Ta'iiwwan marsaan uumaman keessaa halkanii fi guyyaa tokko ta'uu isaa baratoonni hubachuu isaanii gaaffii gaaffachuun madaalaa.
- Haala fi amaloota guyyaa fi halkan qaban barattoonni addaan baasanii akka tarreessan gaaffii adda addaa kennuun hubannoo isaanii madaalaa
- Gilgaaloota kitaaba barataa irratti kennameef deebii sirrii kennuu isaanii hordofuun madaaluun hubannoo isaanii mirkaneeffadhaa.

## Deebii gilgaala 3.1

1. Yeroo aduun baatu (**galgala/<u>ganama.</u>**)
2. Hoo'a guddaa kan kennuu (**<u>aduu</u>/addeessa)**
3. Yeroo halkanii ifa kan kennu (**aduu/<u>baatii</u>/**)
4. Sa'atii itti laaqanni nyaatamu (**galgala/<u>waaree</u>**)

## Waqtiilee

## Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

- Waqtilee waggaa keessatti argaman ni tarreessu.
- Ji'oota waqtii tokko keessatti argamu ni tarreessuu.
- Dalagaawwan waqtiilee adda addaa keessatti raawwataman ni ibsu.

## Mala Baruu Barsiisuu

Dalagaawwan waqtiilee adda addaa keessatti dalagaman maalfa'aa akka ta'an gaaffachuun deebii barattoonni kennan iraatti mariisisaa. Ta'iiwwan marsaa isaanii eegataniiuumamaan keessaa tokko uumamuu waqtiilee ta'uu fi waqtiileen waggaa tokko keessatti marsaa afuriin ji'oota sadii sadiin akka uummaman ibsa kennaafii.Waqtiileen kunis **Ganna**, **Birraa, Bonaa** fi **Arfaasaatti** qoodamu.

**Deebii  Gaaffii marii**

A. Ganna

B. Birraa

C. Sadii

D. Ganna

## Ta'iiwwan uumama darbee darbee uumaman (wayitii 5)

## Gahumsa Barachuu  isa Xiqqaa

- Ta'iiwwan uumamaa  darbee darbee uumaman tokko tokko ni ibsu.
- Akkataa uumama ta'iiwwanii ni hubatu.
- Miidhaa fi faayidaa ta'iiwwan kun jireenya ilmaan namaa fi uumama naannoo isaanii irratti fidan ni ibsu.
- Miidhaa ta'iiwwan uumamaa hongeenii fi lolaan lubbu qabeeyyii irratti fidu ni himu.

## Qophii Duraa

✓ Ta'iiwwan darbanii darbanii uumaman kanneen akka sabbata waaqaa, loolaa fi hongee ilaalchisee barreeffama adda addaa dubbisuun hubannoo keessan cimsadha.

✓ Fakkii sabata waaqaa qopheeffadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

## Sabbata waaqaa

Uumamaa halluu adda addaa of keessatti qabu yeroo bokaan roobuuf fi roobee caamuuf jedhu argitanii beektuu? Gaaffii jedhu gaaffachuu fi gaaffii kitaaba barataa irratti kennamee barattoonni deebii akka kennan erga gootanii booda halluuwwan sabataa waaqaa keessatti argaman akka tarreessan gochuun barattoonni akka irratti mari'atan taasisaa.Fakkii sabbata waaqaa kaasuun halluuwwan achi keessatti mul'atan agarsiisaa ykn pirizimii kiitii saayinsii keessaa fayyadamuun barattoonni akka ilaalan taasisaa.

## Hongee

### Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota kana erga baratanii booda:

- Karaalee balaan hongee ittiin uumamu ni himu.
- Maloota balaan hongee ittiin ittisan ni ibsu.
- Miidhaa balaan hongee qaqqabsiisu ni ibsu.

Hanqina roobaa maaltu uumama? Miidhaan hongeen namaa fi uumama biroo irratti fidu maali gaffilee jedhan akka gareen irratti mari'atan taasisaa. Dhiibbaa hongeen lubbu qabeeyyii irratti fiduu fi mala uumamuu hongee ittiin ittisuun danda'amu deebii ogeessa qonnaa irraa argatan irratti akka mari'atan qajeelchaa.

## Lolaa

Ta'iiwwan uumama sababa baay'ina roobaan dhufu maal akka ta'e akka hubatan gochuuf yeroo bokkaan roobu bishaan karaa irra yaa'u maal akka jedhamu yaadachiisuun akka hubatan taasisaa.

Miidhaa lolaan geessisu maal fa'a akka ta'an akka tarreesanii irratti mari'atan gochuun lolaan qabeenya fi lubbuu akka mancaasu hubachiisuuf seenaa miidhaa lolaan geessisu waan beektan fakkeenyaaf (miidhaa Magaala Dirree Daawaa) ibsuun hubachiisaa.

Maloota ittiin balaan lolaa ittifamuu danda'u akka tarreessan gochuun irratti mari'achiisuun akka hubatan taasisaa.

## Madaallii

- Garaagarummaa halkanii fi guyyaa akka ibsan, halluuwwan sabbata waaqaa keessatti argaman akka tarreessan gaaffachuun madaaluu.
- Miidhaa lolaan fi hongeen fidu akka tarreessan gaafachuun madaaluu.

- Malootni ittiin uumamuu lolaa fi hongee ittiin ittisuu danda'amu akka himan gaaffachuun madaaluu.

## Sadarkaa lubbuu qabeeyyiin keessa darban

## Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

- Ta'iiwwan uumamaa keessaa jijjiirama sadarkaa lubbuu qabeeyyiin keessaa darban isa tokko ta'uu ni himu.
- Lubbuu qabeeyyiin sadarkaa adda addaa keessaa akka darban ni ibsu.

## Qophii Duraa

✓ Fakkii kitaaba barataa irratti marsaan jireenyaa bookee fi ataraa kaa'amee jiruu guddisuun qopheeffadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Bineeldoonni fi biqiloonni sadarkaa jireenyaa adda adda keessa ni darbu. Kunis ta'iiwwan uumamaa keessaa isaa tokko akka ta'e barattoonni akka hubatan gochuuf fakkii qopheeffatte itti agarsiisuun barattoonni akka irratti mari'atanii hubatan gargaaraa.

## Madaallii

- Ta'iiwwan uumamaa sadarkaa lubbuu qabeeyyiin keessa darbanii naannoo isaanitti mul'atan gaafachuun ibsa isaan kennan madaaluun hubannaa horatan mirkaneeffadhaa

**Deebii gilgaala 3.2**

**A. Filannoo**

1.B 2.C 3.B 4.B 5. C

**B. Deebii gabaabaa kennuu.**

1. Dhalachuu, guddachuu fi du'uu
2. Biqilootaa dhaabuu, **bosona** kunuunsuu, **karaa** lolaan yaa'u tolchuu fi

bosona ciruu dhiisuu

3. Lubbuu qabeeyyii mancaasuu, qabeenyaa mancaasuu fi **biyyee** dhiquun mancaasuu.

# Safara (wayitii 7)

## Meeshaalee Safaraa Aadawaa ( wayitii 3)

## Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

Barattoonni mata duree kana erga baratanii booda:

- Meeshaalee safara aadaa fi wanta safaramu ni ibsu.
- Dheerina, hanga fi yeroo meeshaa safara aadaatiin ni safaru.
- Hanqina sirni safara aadaa qabu ni ibsu.

## Qophii Duraa

- ✓ Meeshaalee aadaa ittiin dheerina, hanga fi yeroon ittiin safaraman dursaatii qopheefadhaa.
- ✓ Wantoota dheerinni fi hangi isaanii safaramu qopheeffadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Barattoonni wantoota naannoo isaaniitti argaman maaliin akka safaran gaafachuun barnoota eegalaa.Fakkeenyaaf dheerina, hangaa fi yeroo meeshaalee aadaatiin akkamitti safaruun akka danda'amu gaaffachuun baratoonni akka ibsan haala mijeessaa. Meeshalee aadaa hanga safaruuf gargaaran kan akka kubbayyaa, qunnaa, qalqalloo, daawullaa fa'ifi meeshalee safara aadaa dheerina immoo taakkuu, faana, tarkaanffii, dhundhuuma ciqilee, wadaroo fa'a ta'uu isaanii qayyabachiisaa. Safartoota kanneenis bal'inaan haala armaan gadiin ibsaafii.

A) **Safara Dheerina:** Barattoota afur dheerina adda addaa qaban fuula dura barattootaatti baasaa, minjaala tokko akka dhundhuma ykn taakkuu isaanitiin akka safaran gochuun safara isaanii gabatee gurraacha irratti galmeessuun garaagarummaa bu'aa safara barattoota irratti akka mar'atan godhaa. Haaluma wal fakkatuun dheerina daree isaanii tarkaafii ykn faanaan akka safaran

gochuun mala aadaan dheerina safaruu akka danda'an qayyabachiisaa. Gochaawwan kitaaba barataa keessatti kennaman barattoonni akka dalagan gochuun qajeelchaa.

**Deebii Gaaffii marii**

1. Safarri barattoota hundaa wal qixa miti.
2. Sababa safari baratootaa hundaa wal qixa kan hin taane dheerinni barattoota adda adda waan ta'eefidha.
3. Hanqinni meeshaalee safaraa aadaa bakka hundaatti fi haala hundaan garaagara.
4. Safari wanta tokko bakka hundaatti akka wal fakkatuuf meeshaalee safaraa wal fakkaatu tokko qopheefachuun itti fayyadamuu qabna.

**B) Safara Hangaa:** Naannoo adda addaatti hanga wantoota meeshaaleen aadaa ittiin hanga safaran adda addaa. Kanaafuu yaada ka'uumsaa mariif akka ta'u naannoo isaanitti hanga wantootaa maaliin akka safaran gafaachuun meeshaalee aadaan hanga safaruuf gargaaran tarreessuun irratti mar'achiisa.Baratoonni meeshaalee safara hangaakan aadaa caalatti akka hubatan gochuuf shaakala adda addaa kennuun hariiroo meeshaaleen safara aadaa waliin qaban akka qayyabatan gochuuf gaaffiiwwan shaakalaa kennaafii.

- Quunnaan tokko kubbayyaa meeqa?
- Daawwulaan tokko qunnaa meeqa?
- Qalqalloon tokko qunnaa meeqa?

Gaaffiiwwan armaan olii akka naannoo isaanitti waan beekan irratti mar'achuun deebii kennuun akka qayyabatan gochuun barbaachisaa dha.

C) **Safara Yeroo:** Barattoonni ganama mana barumsaa deemuuf yeroo safaruuf maaliin akka fayyadaman gaafachuun barnoota kana eegalaa. Gariin gaaddidduu mukaa sababa ifa aduutiin uumamu yoo jedhan kanneen biroo ammoo wanta biraa himuu danda'u. Haata'u malee, gaaddidduun sababa ifa aduutiin uumamu wanti tokkichi ji'oota adda addaa keessattii qabu adda adda ta'a. Kana malees gaaddidduun bakka garaagaratti safaramu wanta dheerina

adda addaa qabu waan ta’eef waaltawaa miti. Kun ammoo hanqina meeshaaleen safara aadaa qaban ta’uu irra deebi’uun barattoonni akka hubatan gochuun barbaachisa**.**

## Madaallii

- Meeshaalee safaraa aadawaa akka tarreessan gaafachuun hubannaa barattoota madaalaa.
- Hanqina meeshaaleen safara aadaawaa qaban maal akka ta’e gaafachuun akka deebisan gochuun hubannoo isaanii madaaluun mirkaneeffadhaa.

## Meeshaalee Safaraa ammayyaa (wayitii 4)

## Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota kana erga xumuranii booda:

- Maqaa meeshaalee safaraa kan ammayyaa ni tarreessu.
- Yuuniitii safaraa qaamolee safartamootaa addaan baasanii ni himu.
- Meeshaalee safaraa ammayyaatti fayyadamuun safartamoota kanneen akka dheerina, hangaa fi yeroo ni safaru.
- Hariiroo yuuniitoonni safaraa ammayyaa waliin qaban niibsu.
- Sa’aatii dubbisuun yeroo ni himu.

## Qophii Duraa

- ✓ Meeshaalee safaraa ammayyaa ulee meetira ykn teepha meetira, madaala hangaa fi sa’aatii adda addaa qopheefadhaa.
- ✓ Chaartii safaroota adda addaa itti galmeessuun danda’amu qopheefadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Barnoota kana egaluuf wanta barattoonni beekan irraa ka’uun gaaffilee armaan gaditti dhihaatanii fi kannen biroo gaafachuun eegalaa.

1. Dheerinni hojjaa kee meeqa?
2. Sukkaara ykn ashaboo suuqii irraa yeroo bittu maaliin safaranii sitti gurguru?
3. Wayitii barnoota tokkoof yeroon kenname maaliin ibsamaa?

Deebii baratoonni kennan adda adda ta'uu ni danda'a. Deebii barattoonni kennan hundaa erga dhageessanii booda, haala armaan gadiin dhihaateen ibsakennaafii.

**Deebii gaaffii marii**

1. Dheerina namaa **ulee meetira ykn meetira tephaan** safaruun ni danda'ama.
2. Shukkaara ykn ashaboon kan ittiin safaramu meeshaa ammayyaa **madaala hangaa** jedhamuun.
3. Wayitiin barnootas ta'e wayitii dalagawwan biroo kan ittiin safarmu **sa'aatii** dha.

Meeshaaleen wantoota adda addaa safaruuf dandeessisan addunyaa guutuu irratti waalta'anii fi yuuniitii waaltawaa ta'e tolfame jira. Kanafuu, safari wanta tokkoo biyyaa biyyatti garaagarummaa hin qabu.

## A) Safara dheerinaa kan ammayyaawaa

Barattoonni dheerina hojjaa fi dalgee minjaalaa fi dheerina fi furdina kitaaba akka safaran gochuun yuuniitii safara wantoota adda adda ittiin ibsaman akka qayyabatan taasisaa. Meeshaan ammayyaa dheerina wantootaa safaruuf addunyaa irratti haala waaltawaa ta'een ittiin fayyadamnu **ulee meetiraa jedhama**. Uleen meetiraa muka yookiin sibiila yookiin pilaastiika irraa tolfama.Yuuniitii waltawaa safartoo dheerinaa **meetira** jedhama. Bakka bu'een isaa **"m"** dha. Dheerina (fageenyaa) baay'ee dheeraa ta'e safaruuf yuuniitiin itti gargaaramnu Kiloomeetira(Km) dha. Fageenyi magaalaan tokkoo magaalaa biraa irraa qabu kiloomeetiraan safarama. Fakkeenyaaf: Finfinnee irraa Adaamaan 99 km. Finfinnee irraa Ciroo 326km.Amboo irraa Walisoo 60km. Bakkeewwan barattoonni beekan biroo bakka buusuun fageenya magaalota adda addaa gidduu jiru ibsuun akka barattoonni caalaatti hubatan gargaaraa.

Dheerina baay'ee xixiqqoo ta'an safaruuf saantiimeetira (cm) fi miliimeetira(mm) fayyadamna. Fakkeenyaaf: Dheerina kitaaba 10cm. Furdina xaawulaa 10mm.

Yuuniitoonni dheerinaa hariiroo waliin qabu.

1km=1000m

1m=100cm

1cm=10mm

Haala kanaan erga ibsitanii booda, barattoonni sarartoo isaaniitti fayyadamuun dheerina wantoota adda addaa akka safaran taasisaa.Barattoota garee sadiitti qoodaa, dheerina, furdina fi dalgee gareen hundi akka safaran erga gootanii booda bu'aa safara isaanii gabaate armaan gadii irratti akka galmeessan taasisaa.

| | Garee A | Garee B | Garee C |
|---|---|---|---|
| Dheerina | | | |
| Dalgee | | | |
| Furdina | | | |

Wanta tokko irratti yoo bu'aan safara isaanii adda addaa ta'e bakka dogoggorri itti mul'ate sirreessuun barbaachiisaadha. Sirna safara ammayyaatiin wanti tokko bakka hundaatti hammi safara isaa wal qixa. Gocha kanatti fayyadamuun barattoonni keessan yoo waa safaruu shaakalan meeshaalee safaraa ammayyaa dheerinaatti fayyadamanii dheerina wantootaa safaruu akka danda'an gargaaruun barbaachiisa dha.

## B) Safara hangaa ammayyaawaa

**Hangawantootaa safaruu:** Naannoo isaanitti kanneen akka sukkaara, ashaboo fa'i yeroo suuqiirraa bitan maaliin akka safaramu barattoota keessan erga gaafattanii booda, barnoota mata duree kana eegalaa. Wantoota naannoo keessanitti argaman fi hanga adda addaa qaban daree keessatti wal bira qabanii akka madaalan taasisaa. Madaala hangaa kan ittiin wantoota wal madaalchiisan mukaa yookiin pilaastikaa irraa akka hojjeetan gochuun hanga wantootaa wal madaalchiisuun akka safaramu akka qayyabatan taasisaa.

Yeroo ammaa meeshaan hangi wantootaa ittiin safaramu madaala hangaa jedhama. Madaalli hangaa gosa adda addaatu jiru. Fakkii kitaaba barataa irraa akka hubatan taasisaa.Wantoota hanga adda addaa qaban safaruuf madaaltota hangaa adda addaatubarbaachiisa.

**Yuuniitiin** waaltawaa safara hangaa akka addunyaatti beekamu kiiloograamii dha. Iddo bu'een isaa" **Kg**"dha. Wantoonni hangi isaanii baay'ee xixiqqoo ta'an, fakkeenyaaf warqii, meetii fi kkf yuuniitii ittiin ibsaman giraamii yoo ta'uu wantoota caalmatti baay'ee xixxiqoo ta'an immoo **yuuniitiin** isaanii miliigraamii dha. Hariiroo yuuniitiin hangaa waliin qaban.

1kg=1000g

1g=1000mg

Kg=kiloograamii, g=giraamii, mg= miiliigraamii

## C) Safara Yeroo Ammayyaawaa

Yeroo safaruuf namoonni maaliin fayyadamu?

Sa'aatii harkaa daree keessatti itti agarsiisaa. Meeshaan ammayyaa kan yeroon itti safaramu **sa'aatii** jedhama.yuuniitiin waaltawaa addunyaa irratti kan yeroon itti ibsamu **sekondii** dha. Sa'aatiwwan gosa adda addaatu jiru. Isaanis **sa'aatii harkaa**, **keenyanii**, **sa'aatii minjaalaa** fa'a. Hariiroo yuuniitoonni yeroo waliin qaban

**Sekondii60=Daqiiqaa 1**

**Daqiiqaa60=Sa'aatii 1**

**Sa'aatii 24=Guyyaa 1**

**Guyyaa 7=Torban 1**

**Guyyaa 30=baatii/ ji'a 1**

**Baatiin 12=waggaa 1**

**Guyyaa 365/366=waggaa 1**

## Madaallii

Meeshalee safara ammayyaa akka tarreessan gaaffachuun hubannoo isaanii madaaluu.

Barattoota gareetti qooduun wantoota akka dheerina, hangaa fi yeroo akka safaran gochuun dandeettii isaanii madaaluu.

Gaaffiiwwan kitaaba baratаa irratti kennaman akka hojjeetan gochuun hubannaa barattoota madaaluu.


Daree keessatti maqaa guyyoota torbaanii waamsiisuu.

Barattoonni maqaa guyyoota torbanii wal duraa duuban himuu isaanii madaalaa.

1.Wiixata 2.Kibxata 3.Roobii 4.Kamisa 5.Jimaata 6.Sanbata 7. Dilbaata

**Deebii Gilgaala 3.3**

**A. Sa'aatiin armaan gadii dubbisudhaan deebii kenni.**



**A** **B** **C** **D**

A Sa'aa **1:50** B. Sa'aa **3:20** C. Sa'aa **9:00** D. Sa'aa **5:35**

**B. Bakkaa duwwaa guuti**

1. Daqiiqaan tokko = seekoondii 60
2. Sa'aa tokko = Daqiiqaa 60
3. Guyyaan tokko = sa'aa 24
4. Torbaan tokko= guyyaa 7
5. Baatii/ji'a tokko= guyyaa 30

# 3.2 Qabeenya Uumamaa (Wayitii 13)

## Gahumsa barachuu isa xiqqaa

Mata duree kana erga baratanii booda:

- Qabeenya uumamaa naannoo isaanii jiru ni tarreessu.
- Faayidaalee qabeenyi uumamaa lubbuu qabeeyyiif kennu ni ibsu.
- Tooftaalee qabeenya uumamaa ittiin eeguu danda'an ni ibsu.
- Akkataa mancaatiin ykn faalamni qabeenya uumamaa ittiin dhufu ni himu.

## Qophii duraa

- ✓ Kitaabilee waa'ee qabeenya uumamaa irratti barreefaman dubbisuun of qopheessaa.
- ✓ Ogeeyyii kunuunsa qabeenya uumamaa gaafachuun faayidaa qabeenya uumamaa, kunuunsaa fi karaalee ittiin mancaa'insaa ittisuun danda'amu irratti hubannaa horadhaa.

## Mala baruu Barsiisuu

Barattoonni qabeenya uumamaa naannoo isaanitti argaman akka tarreessanii irratti akka mar'atan haala mijeessaa. Qabeenya uumamaa naannoo isaaniitti argamu irratti daawwannaa gochuudhaan fi ogeeyyii kunuunsa qabeenya uumamaa affeeruun akka ibsa kennan haala mijeessaa.

## Faayidaawwan qabeenya uumamaa (wayitii 8)

# Gahumsa barachuu isa xiqqaa

Mata duree kana erga baratanii booda:

- Faayidaa qabeenya uumamaa tokko tokkoon ni ibsu.
- Gosoota qabeenya uumamaa gurguramuun biyyaaf maallaqa argamsiisan ni tarreessu.

## Qophii Duraa

- Naannoo keessanittii qabeenya uumamaa kan tuuristoota hawwachiisan irraatti odeeffannoo sassaabbachuun hubannoo keessan gabbifadhaa.
- Fakkiiwwan faayidaawwan biyyee argisiisan fakkeenyaaf biqiltoota biqilchuuf mana ijaaruuf fa'a,
- Wantoota uffata irraa hojjechuuf gargaaran kanneen akka gogaa, kallee, jirbiifa'a,
- Wantoota manaa fi meeshaawwan mana keessaa irraa hojjechuuf gargaaran kanneen akka biyyee suphee, muka, leemmana, albuudota gurguramanii biyyaaf mallaqa argamsiisan fkn warqii, meetii, fa'a,

- Fakkiiwwan qabeenyaawwan miidhagoo tuuristoota hawwatan fkn, Holqa Sof-Umar, bineensota bosonaa kanneen akka Gadamsa, Jeedala diimtu fa'a,
- Gosoota qabeenya uumamaa ta`an lubbu qabeeyyii fi lubbu maleeyyii jechuun qoodaatii fakkeenya isaanii ilaalchisee yaadannoo fi fakkii isaanii qopheeffadhaa

## Mala baruu barsiisuu

Barattooni gosoota qabeenya uumamaa naannoo isaaniitti argaman akka tarreessan jajjabeessaa.Gosoota qabeenya uumamaa tarreessan lubbu-qabeeyyii fi lubbu dhabeeyyii jechuun akka qoodan taasisaa. Faayidaawwan qabeenya uumamaa irratti tokko tokkoon gadi fagenyaan barattoota mari'achiisaa. Fkn: Faayidaawwan biyyee irratti, wantoota uffata hojjechuuf gargaaran tarreessuun,wantoota mana ijaaruuf gargaaran kanneen akka suphee, muka adda addaa,albuudota gurguramanii maallaqa biyyaaf argamsiisan kanneen akka warqii,meetii kkf irratti qabeenyaawwan miidhagoo tuuristootaan hawwataman irratti mari'achiisuuf fakkiiwwan itti agarsiisuun akka hubatan taasisaa.

## Madaallii

- Gosaa qabeenya uumamaa barattoonni akka tarreessan gochuun hubannaa isaanii madaaluu.
- Faayidaa qabeenya uumamaa akka tarreesan taasisuun hubannaa barattoota madaaluu.
- Battalleewwan fi gilgaalaadda addaa qopheessuun barattoonni deebii akka kennan gochuun madaaluu.

## Biyyee

## Gahumsa barachuu isa xiqqaa

Mata duree kana erga baratanii booda:

- Faayidaa biyyeen lubbuu qabeeyyiif kennu ni ibsu.
- Karaalee biyyee ittiin manca'uu danda'u ni ibsu.
- Maloota ittiin biyyee mancaa'insaa irraa eeguun danda'amu ni tarreessuu.

## Qophii duraa

- ✓ Faayidaa biyyee kitaaboota adda addaa fi kitaaba barataa irratti faayidaalee biyyee tarreefamanii jiran dubbisuun hubannoo gahaa ta'e horadhaa.
- ✓ Chaartii hariiroo walitti hidhamaa lubbuu qabeeyyiin biyyee waliin qaban qopheefadhaa.

## Mala baruu barsiisuu

Faayidaan biyyee maal akka ta'e gaafachuun barattoonni akkamari'atan haala mijeessaa. Faayidaa biyyeen lubbuu qabeeyyiif kennu maal akka ta'ee tarreessuun barattoonni akka mar'atan taasisaa. Maloota kunuunsa biyyee irratti ogeessa kunuunsa naannoo affeeruun akka ibsa kennanii fi manca'ina biyyee ittisuuf gochawwan adda addaa barattoonni gahee taphachuun akka agarsiisan taasisaa.

## Madaallii

- Faayidaa biyyee maal akka ta'e barattoonni akka tarreessan gaafachuun hubannaa isaanii madaalaa.
- Maloota ittiin manca'ina biyyee ittisuun danda'amu akka tarreessan gochuun hubannaa barattootaa madaalaa.
- Faayidaa biyyeen biqilootaaf kennu maal akka ta'e gaafachuun deebii keennan hubannaa isaanii irraa madaaluun mirkaneeffadhaa.

## Bishaan

## Gahumsabarachuu isa xiqqaa

Barnoota kana booda barattonni:

- Madda bishanii ni tarreessu.
- Faayidaalee bishan lubbuu qabeeyyiif kennu ni ibsu.
- Faayidaa bishaan ilmaan namaaf kennan ni himu.
- Waantoota faalama bishanii fidan addaan baasanii ni ibsu.
- Maloota ittiin faalamuu bishanii ittisan ni himu.

## Qophii duraa

- ✓ Barreefamoota waa'ee madda, faayidaa bishaanii, faalama bishaanii fi maloota faalama bishaanii ittisuun ittidanda'amu irratti barreefaman dubbisuun hubannoo cimsadhaa.
- ✓ Fakkiiwwan maddoota bishaanii agarsiisan guddisuun waraqaa irratti kaasuun qopheeffadhaa.

## Mala baruu barsiisuu

Maddootaa fi faayidaa bishaanii tarreessuun akka barattoonni irratti mari'atan taasisaa.Wantoota /gochawwan faalama bishaaniif sababoota ta'anii fi maloota ittisaa faalama bishaanii irratti barattoonni akka mari'atan haala mijeessaa.

## Madaallii

- Maddoota bishaanii, faayidaa bishaan lubbuu qabeeyyiif keennu,wantoota faalama bishaaniif sababa ta'anfi maloota ittiin faalama bishaanii ittisuun danda'amu akka tarreessan gochuun madaaluun mirkaneeffadhaa.

## Bosona

## Gahumsaa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana erga baratanii booda:

- Faayidaa bosonaa ni himu.
- Maloota bosonnimancaatii irraa ittiin eegamu ni tarreessu.

## Qophii duraa

- ✓ Barreeffamoota waa'ee bosona fi faayidaa bosonaa ibsan dubbisuu fi ogeessota kunuunsa bosonaa haasofsiisuun hubannoo cimsadhaa.

## Mala baruu barsiisuu

Bosona uumamaa ykn nam-tolchee naannoo keessanitti argamu daawwachuun barattoonni daree keessatti gabaasa dhiyeessuun akka irratti mar'atan taasisaa.

Gumii kunuunsa naannoo mana barumsaa keessatti sochii mukkeen abbaqallee (biqiltuu) dhaabuu fi kunuunsuu keessatti hirmaachuun gahee taphachaa akka barachuu danda'aniif haala mijeessaa.

## Madaallii

- Faayidaan bosona maal akka ta'e akka tarreessan gochuun hubannoo barattoonni qaban madaalaa.
- Sababoota manca'ina bosonaa maal fa'a akka ta'anii fi maloota ittiin manca'ina bosonaa ittisuun danda'amu gaafachuun hubannoo isaanii madaaluun mirkaneeffadhaa.

## Qilleensa

## Gahumsaa barachuu isa xiqqaa

Mata duree kana erga baratanii booda barattoonni:

- Faayidaa qilleensaa ni himu.
- Sababoota faalama qilleensaa ni tarreessu.

## Qophii duraa

- ✓ Kitaaba /Barreeffama faayidaa qilleensaa fi miidhaa faalamni qilleensaa fidu irratti kan barreefaman dubbisuun hubannaa keessan cimsadhaa.

## Mala baruu barsiisuu

Qilleensi qabeenya uumamaa ijaan hin mul'anne waan ta'eef jiraachuu fi faayidaa qileensaa mirkaneefachuuf barattoonni afaani fi funyaan isaanii yeroo xiqqoodhaaf harka isaaniitiin akka ukkamsan gochuun waan isaanitti dhagahame irratti akka mari'atan taasisaa.

Barattoonni faayidaa qilleensaa fi wantoota faalama qilleensaa fidan akkasummas ittisa faalama qilleensaa irrattiakka mari'atanii hubatan haala mijeessaa.

## Madaallii

- Faayidaa qilleensaa, wantoota faalama qilleensaa fidan fi maloota ittisa faalama qilleensaa irratti gaaffiiwwan adda addaa gaafachuun deebii barattoonni kennan irraa hubannaa isaanii madaalaa.

**Deebii gilgaala 3.5**

**A.Filannoo**

1.D 2.D 3.D 4. A 5.D 6 D

**B. Deebii sirrii ta'e filachuu**

1. A. Dagaa ijaaruu
   B. Biqiltuu Dhaabuu,
   C. Qonna Dalgaa
2. A. Bakka jireenya bineensota B. Madda qilleensa qulqulluu.
   C. Ijaarsa adda addaaf D. Qoricha adda addaa irraa oomishuudhaaf
   E. Bakka bashannanaa
   F. Bakka hawwata turistootaa ta'uun galii argamsiisuu
3. A. Kubbayyaa B. Shiinii C. Distii D. Jabanaa
   E. Huubboo F. Eelee
4. A. lafa qonnaatiif B.Qoraaniif C. Mana ijaarachuuf
   D. Meeshaalee manaa adda ddaa oomishuuf

## 3.3 Biqiloota Naannoo Keenyaa ( wayitii 15 )

**Qaamota biqilootaa fi dalagaawwan isaanii (wayitii 10)**

**Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa**

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga xumuranii booda:

- Qaamota biqilootaa ni agarsiisu.
- Faayidaa qaamota biqilootaa ni ibsu.

**Qophii Duraa**

- ✓ Biqiloota xixiqqaa naanoo isaanitti argaman barattoonni fidanii akka dhufan taasisuu.

**Mala Baruu Barsiisuu**

Biqiloota xixiqqaa naannoo isaanitti argaman barattoonni fidan waliin ta`uun tokkoon tokkoon qaama biqilaa (baala, jirma, hiddaa fi daraaraa) akka addaan baasan taassisuu. Faayidaawwan qaamota biqilaa ilaalchisee yaadannoo gabaabaa kitaaba barataa irratti kenname irratti hunda`uun ibsa kennaafii.

Faayidaalee qaamota biqilootaa haala armaan gadiitin guduunfuu ni dandeessu.

| Qaama Biqilaa | Faayidaa |
|---|---|
| Hidda | • Qaamni biqilaa biyyee keessa akka dhaabbatu gargaara<br>• Bishaanii fi albuudota biyyee keessaa xuxuun gara qaama oliitti dabarsa. |
| Jirma | • Qaamota biqilaa utubee qaba.<br>• Bishaanii fi albuudota hidda irraa fudhachuun gara baalaatti dabarsa.<br>• Biqiloota tokko tokko keessatti akka bakka kuusaa soorataatti ni fayyada |
| Baala | • Bakka nyaatni itti qophaa'udha.<br>• Uraawwan xixiqqaa baala irratti argaman wal-jijjirraa qilleensaatii ni fayyadu. |
| Daraaraa | • Wal-hormaataaf ni fayyada.(Biqiloota daraaraa qabeeyyi keessatti). Firii ykn sanyi argamsiisuuf. |

**Madaallii**

- Guyyaa guyyaan gaaffilee akka dhuunfaa fi akka gareetti kennamu irratti hirmaannaa isaanii ilaalchisee iyyaafannoo sassaabbadhaa.
- Gosoota biqilootaa fi qaamota biqilootaa irratti gaaffii qomaa fi barreeffamaa gaafadhaa.
- Fakkii biqilootaa kan qaamaa fi faayidaawwan isaanii agarsiisu kaasuun daree keessatti akka maxxansan taassisuun barattoonni ga`umsa barachuu isa xiqqaa argachuu isaanii mirkaneeffadhaa.

## Wantoota Guddina Biqilootaaf Barbaachisan ( waytii 5 )

### Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

- Wantoota guddina biqilootaatif barbaachisa ta'an ni tarreessu.

### Mala Baruu Barsiisuu

Garaagarummaan biqilootaa fi bineeldota gidduu jiru maal fa'a akka ta'an gaafadhaa. Biqiloonni bakkaa bakkatti socho'uu waan hindandeenyeef wantoota guddina isaaniif barbaachisan naannoo isaanii irraa argachuu akka qaban hubachiisaa.Wantoota guddina biqilootaaf barbaachisoo ta`an qabatamaan akka hubachuu danda`an piroojektii armaan gadii akka hojjetan haala mijeessaafii.

**Piroojektii :** Wantoota guddina biqilootaaf barbaachisaa ta'an adda baasuu.

- Barattoota daree garee gareen qoodaa.
- Gareewwan hundii meeshaa biqilaa keessatti guddisuf fayyadu: Fkn hubboo k.k.f fi sanyii biqilaa fkn- atara, baaqelaa, boqqolloo k.k.f akka fidan haa ta'u.
- Gareen muraasni sanyi fidan dhaabuun bakka qilleensaa fi ifa ga'aa argatu ha ka'an. Guyyaa guyyaan galgalaa fi ganama bishaan haa obaasan.
- Gareen muraasni sanyii fidan dhaabuun bakka qilleensaa fi ifa ga'aa argatu ha ka'an. Bishaan obaasuu haa dhiisaan
- Gareen muraasni sanyi fidan dhaabuun bishaan haa obaasan. Garuu yeroo dheeraaf ifa aduu akka hin arganne ifa aduu irraa haa dhorkan yokiin bakka ifa aduu argachuu hindandeenye ha ka`an.
- Yeroo dheeraan booda garaagarummaa sanyii dhaabani gidduu jiru ha daawwatan. Yaadrimee piroojektii kana irraa qalbeeffachuu qaban irratti daree keessatti irratti mari`adhaa.

**Deebii gilgaalaa 3.6**

1. B 2. C 3.D 4.A

# 3.4 Bineeldota Naannoo Keenyaa

## Gahumsa barachuu isa xiqqaa

Barnoonni mata duree kana ergi xumuranii booda:

- Haala madaqinaa isaanii irratti hunda'uun bineeldota bakka lamatti ni ramadu.
- Bineeldoonni Bakka jireenyaa, akkataa wal hormaata, sochii, uwwisa qaamaa fi haala soorataa isaanii irratti hunda'uun ni ramadu.
- Meeshaalee bu'aa bineeldotaa irraa hojjataman ni himu.
- Kunuunsa beeyiladoota qotiisaaf godhamuu qabu ni tarreessuu.

## Qophii duraa

- ✓ Barreeffamoota seenaa madaqinsa bineeldootaa, haala wal hormaata, haala sochii, bakka jireenyaa, akkataa soorataa fi uwwisa qaamaa irratti barreeffaman dubbisuun hubannaa cimsadhaa.
- ✓ Fakkiiwwan kitaaba barataa irratti akkaataa ramaddii kenname adda addaan kaa'amanii jiran guddisuun daree keessatti maxxansuun barbaachisaadha.

Bu'aawwan bineeldota irraa argamuu fi kunuunsa beeyiladoota qotiisaa irratti ogeessa kunuunsa bineeldotaa gaafachuun hubannaa guddifadhaa.

## Mala baruu barsiisuu

Fakkii bineeldota adda addaa fakkiidhaan qopheessuun akka irratti mari'atanii ramadan taasisaa. Ramaddii bineeldota haala isaan qaban irratti hunda'uun ogeeyyii eegumsa qabeenya uumamaa gaaffachuun daree keessatti akka irratti mari'atanhaala mijeessaa.Ramaddii bineeldotaa bifa gabatee qajeelcha barsiisaa/tuu irratti kannameen akka hojjeetan gochuun irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisaa. Meeshaawwan bu'aa bineeldotaa irraa argaman tokko tokko tarreessanii akka irratti mari'atan gargaaraa.

**Gabatee: 3:1   Ramaddii bineeldotaa fi fakkeenya isaanii.**

| T.L | Ramaddii bineeldotaa haala adda addaatiin | Fakkeenya sadii kenni. |
|---|---|---|
| 1 | Bineensota kan ta`an | Leenca, Bosonuu, Arba |
| 2 | Beeyiladoota kan ta`an | Hoolaa, Farda, Saree |
| 3 | Kan killee busuun walhoran | Lukkuu, Bofa, Jawwee |
| 4 | Kan ilmoo dhaluun walhoran | Sa’a, Arba, Hantuuta |
| 5 | Kan lukaan deeman | Nama, Guchii, Jaldeessa |
| 6 | Kan balal`an | Baabboo, Tumaadessa, Daakkiyyee |
| 7 | Kan lafa irra jiraatan | Gafarsa, Qeerransa, Hardiida |
| 8 | Kan bishaan keessa jiraatan | Qurxummii, Roobii, |
| 9 | Kan foon sooratan | Leenca, Qeerransa, Saree |
| 10 | Kan marga sooratan | Sattawwaa, Farda, Harree |
| 11 | Biqilotaaf foon kan sooratan | Nama, Jaldeessa, Hantuuta |

## Madaallii

- Bineeldota madaqiinsa ilmaan namaa waliin qabaniin, haala wal hormaataan, haala sochiin, bakka jireenyaatiin, uwwisa qaamaa fi soorata isaanii irraatti hunda’uun garee isaan jalatti ramadaman akka tarreessan gochuun hubannaa barattoonni qaban madaaluu.
- Bineeldota akka gabatee armaan olitti akka Ramadan gochuun yaalii barattootaa madaaluu.
- Meeshaawwan bu’aa bineeldotaa irraa akka hojjataman akka tarreessan taasisuun madaaluu.
- Kunuunisa beeyiladoota qotiisaaf taasifamuu qabu akka tarreessan gochuun hubannaa barattootaa madaaluun mirkaneeffadhaa.

**Deebii gilgaala 3.7**

**A. Filannoo**

1.B 2.D 3.A 4.D 5.B 6.D 7.D 8. D

**B. Deebii sirrii**

1. Lafa irraa, bishaan keessa, Lafaa fi Bishaan Keessa

2.a) Hoolaa , Saree, Farda, Sa'a, Re'ee.

b) Naacha, Bofa, Luukkuu, Qurxummii, Lootuu.

c) Nama, Hantuuta fi Jaldeessa

d) Farada, Arba, Nama, Harree, Hoolaa, Qamalee.

e) Daakkiyyee , Baabboo, Tumaadessa

# BOQONNAA AFUR

# AANAA /BULCHIINSA MAGAALAA/ KEENYAA (Wayitii 49)

## Bu'aawwan Barnnota Boqonnichaa

Barattoonni barnoota boqonnaa kanaa erga xumuranii booda:

- Argama aanaa /bulchiinsa magaalaa isaanii fi bakkeewwan beekkamoo aanaa /bulchiinsaa magaalaa/ isaanii keessatti argaman kallattiiwwan hangafootaa afaniitti fayydamuun ni ibsu.
- Haala teessuma lafa aanaa /bulchiinsa magaalaa/ isaanii addaan baasuun ni ibsu.
- Dhaabbilee gurguddoo aanaa /bulchiinsa magaalaa/ isaanii keessatti argamanii fi dalaggaa isaanii ni tarreessu.
- Sochiilee diinagdee gurguddoo aanaa /bulchiinsa magaalaa/ isaanii keessatti argaman addaan baafachuun meeshaalee bu'aa teeknoolojii naannoo isaaniitti fayyadaman argaman fakkeenya kennuu ni danda'u.
- Guddina aanaa /bulchiinsa magaalaa/ isaaniitiif hojiin barbaachisaa ta'uu isaa ni ibsu, sadarkaa umrii isaaniitiin fedhii hojiif qaban ni agarsiisu.
- Boqonnaa kana keessatti ogummaa saayinsaawaa kan akka daawwachuu, galmeessuu, ramaduu, gaafachuu, safaruu, qunnamuu, moodeelota hojjachuu fi gamtaan hojjachuu danda'uu ni gonfatu.

**Qabiyyee** **Wayitii**


4.1 Argama Aaanaa /Bulchiinsa Magaalaa/ Keenyaa----------------------------------3

4.2 HaalaTeessuma Lafaa Aanaa keenyaa--------------------------------------------10

4.3 Dhaabbilee Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa keenyaa --------------------------------9

4.4 Sochiilee Diinagdee Aanaa /Magaalaa keenyaa -----------------------------------17

**Ida'ama**--------------------------------------------------------------------------------49

## Qabxiilee Ijoo

Boqonnaa kana keessatti barattoonni kallattiiwwan hangafoota afranitti fayydamuun argama bir-qabaa aanaa /bulchiinsa magaalaa/ isaanii ibsuu qabu. Itti aansuun haala teessuma lafa naannoo isaanii fi dhiibbaa haalli teessuma lafaa hawaasa naannoo irrattidhaqqabsiisu barattoonni akka adda baafatan xiyyeeffannoon kennamuufii qaba.

Kana malees, boqonnaan kun sochiilee dinagdee naannootti gaggeeffaman keessatti hirmaachuun barbaachisaa ta'uu isaa kan of keessatti hammatu waan ta'eef barattoonni akka qayyabatan taasifamuu qabu.

# 4.1. Argama Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/ Keenyaa

( Wayitii 13 )

## Kallattiiwwan Hangafoota Afran

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota kana erga xumuranii booda:

- Kallattii afranitti fayyadamuun argama Aanaa/Magaalaa isaanii ni ibsu.
- Kallattiiwwan hangafoota arfan ni agarsiisu.

## Qophii Duraa

✓ **Kaartaa** : Kaartaan aanaa keessanii daree keessatti fannisuun kallattiiwwan afran agarsiisaa. Kaartaa fannifne kun yemmuu ilaallamu:-

- Gubbaan kaartaa Kaaba ta'a.
- Fiixeen gara gadii Kibba ta'a.
- Garri harka bitaa Dhiha fi
- Garri harka mirgaa kallattii Baha ta'uu isaa irra deebiin agarsiisaa.

✓ **Fakkii**: Gabatee gurraacha irratti yookiin waraqaa bal`aa irratti kallattiiwwan afran qopheeffadhaa. Sararran gadee fi dalgee kofa sirriitiin walqaxxaamuran sararuun fiixeewwan afran kallattiiwwan arfanii moggaasuu agarsiisuu qaba.

## Mala Baruu Barsiisuu

Kaartaa aanaa mana barnootaa keessan keessatti argamu daree keessatti fannisuun kallattiiwwan agarsiisaa.Kaartaa fannifame kana irratti kallattiiwwan afran kaartichaa fi gandoota aanaan isaanii kun irraa ijaarame sirrtti hubachiisaa.

Daree keessatti barattoonni tokkoon tokkoon isaanii ol-ka'anii dhaabbachuun fuul-duraa duuba,mirga fi bitaa isaanii adda baafatanii akka muldhisan taasisaa.

Dareen alatti (dirree irratti) barattoonni kallattiiwwan hangafoota afran akka adda baasanii beekan taasisaa. Fakkeenyaaf, namni tokko fuula isaa/ishee gara biiftuun baatutti garagalshee/ttee harka isaa/ishee/ lamaan diriirsee/ttee yoo dhaabbate :

- Fuul-durri isaa /ishee kallattii bahaa agarsiisa.
- Duubni isaa / ishee kallattii dhihaa garsiisa.
- Harki bitaa isaa ishee kallattii kaabaa agarsiisa.
- Harki mirgaa isaa / ishee/ kallatti Kibbaa agarsiisa jechuudha.

**Gocha:** Jidduu mana barnoota isaanii dhaabbachuun kallattiiwwan afran akka addaan baafatan taasisaa.

## Madaallii

Gaafilee mata duree kanaa jalatti kennamanii fi gochaalee kitaaba irratti kennaman irratti hundaa'uun madaalaa.

**Deebii Gilgaala 4. 1**

A. Haala naannoo isaaniitiin haa deebisan

B. Dhugaa yookaan Soba

1. Dhugaa 2. Soba

C. Filannoo

1. B 2. C

## Argama birqabaa Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/ Keenyaa

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota kana erga xumuranii boodaa:

- Maalummaa argama birqabaa ni ibsu.
- Argama bir-qaba aanaa /bulchiinsa magaalaa/ isaanii kaartaa irratti ni agarsiisu.
- Gandoota mana barnoota isaani daangessan kallaatii afraniin ni tarreessu.


### Qophii Duraa

- ✓ Kaartaa aanaa keessanii manni barnootaa keessan keessatti argamuu keessatti argaman waliin qopheeffadhaa.
- ✓ Kaartaa godinaa keessanii aanaalee keessatti argamanii waliin qopheeffadhaa.

### Mala Baruu Barsiisuu

Argama bakka tokkoo bakkeewwan biroo yookiin wontoota uumamaa kan akka Laggeenii fi Haroowwan kan kallattiiwwan arfaniin bakkicha daangessan waliin wal-bira qabanii ibsuun argama bir-qabaa akka ta'e ibsa kennaafii. Gandoota mana barnoota isanii kallattiwwan arfaniin daangessan adda baasuun itti himaa. Kanuma irrtti hundaa'uun **mana barnoota** isaanii walakkeessa gochuun gandoota mana barnootaa daangessan fiixee irraa kaa'uun, daanaa daara-baaftuu akka qopheessan gargaaraa.

Fakkeenyaaf:




***Fakkii 4.1 Daanaa daara-baaftuu argama birqaba mana barnootaa.***

Haluma walfakkaatuun, mana jireenya isaanii kallattiiwwan afraniin maal-maaliin akka daangeeffamu maatii isaanii gaafachuun gabaasa dareetti akka fidanii irratti mari'atan taasisaa.Itti aansuun, mana jireenya isaanii walakkeessa gochuun daanaa daar baaftuu akka qopheessan taasisaa. Dabalataanis argama bir-qabaa aanaa isanii aanolee ollaa waliin yookiin argama bir-qabaa bulchiinsa magaalaa isaanii gandoota ollaa waliin wal-bira qabuun akka himan taasisaa.

## Madaallii

Mata duree kana jalatti gocha barattootni daree keessaa fi dirree alatti raawwatanii fi gaaffilee kitaaba keessatti dhiyaataniin madaalaa.

**Deebii Gocha 4.1**

1. B  2. E  3. C  4. D

**Deebii Gilgaala 4.2**

**A. Dhugaa Yookaan soba**

1. Dhugaa 2. Dhugaa 3. Soba

**B. Filannoo**

1. B 2. A

**C. Haala naannoo isaaniitiin haa deebisan**

## Bakkeewwan Beekamoo Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/ keenyaa

## Gahumsa Barachuu isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga xumuranii boodaa:

- Bakkeewwan beekamoo Aanaa/Buchiinsa Magaalaa isaanii adda ni baafatu.
- Wixinee kaartaa irratti bakkeewwan seena qabeeyyiini agarsiisu.
- Faayidaa bakkeewwan beekamoo Aanaa/Magaalaa isaanii ibsu.
- Waa'ee aanaa /bulchiinsa magaalaa/ haala durii ni ibsu.

## Qophii Duraa

- ✓ **Daawwii Dirree:** Barattoonni bakkeewwan beekamoo Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/ isaanii akka daawwatanii wixinee fakkii bakkeewwanii akka qopheessan haala mijeessaa.
- ✓ Wixinee kaartaa aanaa /Bulchiinsa magaalaa qopheeffadhaa.
- ✓ **Gaafii Afaani:** Barattoonni waa'ee seenaa bakkeewwan gurguddoo fi haala aanaa /bulchiinsa magaalaa isanii durii hangafoota irraa odeeffannoo sassaabanii akka dhiyeessaa haala mijeessaafii.

## Mala Baruu Barsiisuu

Mata duree barnoota kanaa jalatti maalummaa bakkeewwan beekamoo irratti ibsa kennuun barnooticha eeegaluun barbaachisaa dha. Seenaa jireenya hawaasa tokkoo keessaatti iddoowwan dirree waraanaa, bakka injifannoo waraanaa, masaraawwan,

holqaa fa'a kan xiyyeeffannaa addaatiin ilaallaman, bakkeewwan seena qabeeyyii jedhamanii beekkamuu isaanii hubachiisaa.

Qopheessuun barattoonni bakkeewwan beekamoo aanaa /bulchiinsa magaalaa/ Sagantaa daawwannaa isaanii akka daawwatan taasisaa. Odeeffannoo barattootini manguddoowwan gaafachuun sassaabaniif ragaa dabalataa kanbiraa irratti hundaa'uun seenaa fi barbaachisummaa bakkeewwan beekkamoo kanaa qabatamaan ibsaafii. Haaluma wal-fakkaatuun haala durii aanaa /magaalaa/ tokkotokkoon barataaakka dareetti himu taasisaa.

## Madaallii

- Gochaalee fi gilgaalota kitaaba keessatti kennamanfi gabaasa daawwii dirree seenaa bakkeewwan bebbeekkamoo fi haala durii aanaa /bulchiinsi magaalaa/ isaanii ilaalchisuun barattoonni dhiyeessan irratti hundaa'uun hubannoo barattoonni argatan madaalaa.

**Deebii Gilgaala 4.3**

**A. Deebii sirri Kennuu**

1. Haala naannoo isaaniitiin haa deebisan
2. Haala jireenya hawaasicha kan durii ni agarsiisu.

   Aadaa hawaasichaa ni calaqqisiisu

   Agarsiiftuwwan eenyummaa ti.

3. Haala naannoo isaaniitiin haa deebisan.

4. Bakka argama isaa

Ta'eewwan bakichaati raawwataman

Bara ta'eewwan kunniin itti raawwataman

Bulchiinsa /mootummaa bara ta'eewwan kanniin raawwataman ture.

# 4.2 Haala Teessuma Lafaa Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/ Keenyaa (Wayitii 10)

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barannoo mata duree kanaa erga xumuranii boodaa:

- Haala teessuma lafaa ni ibsu.
- Akaakuwwan teessuma lafaa ni tarreessu.
- Akaakuwwan teessuma lafaa aanaa /bulchiinsa magaalaa isaanii niibsu.

## Qophii Duraa

- ✓ **Fakkii:** Haala teessuma naannoo mana barnootaatti argamu waraqaa irratti kaasuun qopheeffadhaa.
- ✓ **Kaartaa:** Akaakuu teessuma lafa adda addaa qabu haalluu adda addaa itti dibuun qopheeffadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

**Gaafii fi Ibsaan Dhiyeessuu:** Jalqaba barnoota kanaa irratti teessumni lafaa maal akka ta'e gaafachuun deebii isaanii irraa ka`uun garaagarummaa ol ka'iinsa lafaatiin kan ka'e bifti fuula lafa adda addaa teessuma lafaa akka jedhamu itti himaa. Akkuma walii galaatti, teessumni lafaa lafa ol-ka'oo , lafa dakee fi sulula jedhamuun bakka saditti akka qoodaman haala armaan gadiitiin ibsa bal'aa kennaafii.

**Lafa Ol-ka'oo:**Teessuma lafaa garee lafaa ol ka'oo keessatti argaman kanneenakka gaaraa,tulluu, pilaatoo fa'a.

**Gaara:** Teessuma lafaa kan ol dheerinna guddaa qabuu dha.

**Tulluu:** Teessuma lafaa kan naannoo tokko irra ol ka'ee mul'atuu dha.

**Pilaatoo :** Lafa ol dheerinna guddaa qabuu fi gubbaan isaa diriiraa ta'ee dha.

**Lafa Dakee:** Akaakuwwan teessuma lafaa kanneen akka Lafa diriiraa yookaan ciisaa.

**Lafa Diriiraa:** ol ka'iinsa xiqqaa wal-qixa ta'e qabuu fi bal'atee argamuu dha.

**Sulula**: Haala teessuma lafa naannoo sirrii irraa lafaa irraa baay'ee gadi bu'ee kan argamuu dha. Sululli bakka lamatti qoodama.Isaanis:

- Sulula laggeeniitii fi
- Sulula  guddaa qiinxamaa ti.

**Daawwii Dirreetiin:** Barattoota mooraa mana barnootaatiin ala baasuun akaakuuwwan teessuma lafaa dhiyeenyaatti argaman agarsiisaa. Moodeela haala teessuma lafaa ilaalan akka qopheessan gargaaraa.

## Madaallii

Haala barattootaa hubachuun gaafii afaaniitii fi daawwii dirree irraa waan hubatan akka gabaasan gochuun madaalaa.Kanuma waliin gaara gaara guddaa naannoo isaaniitti argamauu fi laga isaanitti dhiheenya qabu maatii isaanii gaafachuun barreeffamaan akka gabaasan gochuun gabaasa isaanii madaalaa.

**Deebii Gilgaala  4.4**

**A. Dhugaa Yookiin Soba**

1. Dhugaa    2. Dhugaa3. Soba

**B. Filannoo**

1. B          2.C          3.A

**C. Bakkeewwan Duwwaa Guutuu**

1. Tulluu      2.Sulula

## Dhiibbaa Haalli Teessuma Lafaa Hawaasa Nannoo Irratti Dhaqabsiisuu Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga xuumuranii booda:

- Dhiibbaa lafa ol ka'aa adda addaa ni tarreessu.
- Dhiibbaa lafa dakee ni tarreessu.

## Qophii Duraa

- ✓ Barnoota mata duree kanaaf kaartaa teessuma lafaa fi faca'iinsa ummataa agarsiisu qopheeffadhaa.

- ✓ Haaala teessuma lafaa fi haala  qubsuma ummata aanaa isaanii fakkii agarsiisu qopheeffadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Mata duree kanaajalatti  barattoonni dhiibbaa teessumni lafaa qabu fakkeenyaaf ijaarsa  mana jireenyaa, qonna geejiba fi kkf wal-bira qabanii akka irratti mariatan taasisuun eegalaa.

Dhiibbaa teessumni lafaa hawaasa naannoo irratti qabu bifa lamaan agarsiisuu qabduu. Isaanis: faayidaalee fi miidhaa teessumni lafaa dhaqabsiisu.

Fakkeenyaaf faayidaaleen Lafa ol ka’oo kanneen akka:

- Rooba gahaa fi hoo’a gahaa qabaachuun
- Biqiloonni adda addaa bifa adda addaatiin argamuu
- Biyyee gabbataa ta’e qabaachuu
- Madda bishaan laggeenii fa’a.

Kanaafuu, qonna midhanii fi hormaata beeyiladootaaf mija’aa ta’uu isaanii akka fakkenyaatti  ibsaafii. Gaarren uwwisa bosonaa qaban lafa jireenya bineessotaa waan ta’aniif daawwannaa fi bashannanaaf turistoota akka hawwisiisan hubachiisaa.

Rakkoolee lafa ol ka’oo kan jedhaman kanneen akka:

- Gaarreen baay’ee qabaachuu fi kanaafis qonnaaf mijataa ta’uu dhabuu
- Yeroo gabaabatti deemanii bira gahuuf rakkisaa ta’uu isaanii
- Baddaa qorraa diilalla’aa waan qabaniif hanqina hoo’aa qabaachuu isaanii fa’a.

Akkuma waliigalaatti, haalli teessuma qilleensa baramaa ni  too’ata.

Qilleensi baramaan immoo hojiilee, haala uffannaa namaa, akaakuu midhaan nyaataaf oomishamuu, akaakuu mana jireenyaa fi kkf irratti dhiibba akka qabu hubachiisaa.Karaa biraatiin lafti dakee hanqinna roobaa fi hoo’a guddaa waan qabuuf oomisha midhaan nyaataa bal’innaan geggeessuuf mijaayaa akka hin taane barattoota hubachiisaa. Garuu lafti dakeen horsiisa beeyladaatiif mijaa’aa akka ta’ee fi bishaan jallisiin fayyadamnaan qonna midhaniitiif mija’aa akka ta’e  hubachiisaa.Haalli kun akaakuu mana jireenyaa, haala uffannaa, akaakuu nyaataa fi gochaalee jiruu fi jireenya hawaasaa irratti dhiibbaa akka qabu qayyabachiisaa.

**Madaallii**

Gaafilee Kitaaba keessa jiranii fi gaaffilee afaanii kan biroo akkasumas hubannoo fakkiiwwan isaan kaasanii irraa fudhattaniin madaalaa.

**Deebii-Gilgaala 4.5**

**A.Dhugaa Yookaan Soba**

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa

**B. Deebii sirrii Kennuu**

1. a) Harama biyyeetiif saaxilamaa dha.
   b) Lafa dakee qonnaaf ta'u dhabuu.
   c) Bira gahuuf rakkisaa dha.
   d) Lafti ol ka'oon baddaa qorraa fi diilallaa'aan hanqina hoo'aa qaba.
2. a) Rooba xiqqaa fi hoo'a guddaa qabu.
   b) Lolaa bishaan roobaatiif saaxilamu danda'u.
   c) Dhukkbni beeyiladootaa fi namaa jiraachuu ni danda'a.
   d) Gabbiinni biyyee dadhabaa ta'uu danda'a.

# 4.3 Dhaabbilee Aanaa/Bulchiinsa Magaalaa Keenya (Wayitii 9)

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kana erga xumuranii boodaa:

- Dhaabbilee gurguddoo aanaa/magaalaa isaanii ni tarreessu.
- Dalagaalee dhaabbilee gurguddoo aanaa/magaalaa isaanii ni ibsu
- Dalaggaalee dhaabbileewwan mootummaa ni tarreessu
- Dalaggaalee dhaabbileewwan mit-mootummaa ni himu
- Akaakuuwwan dhaabbilee dhuunfaa ni tarreessu.

## Qophii Duraa

- Chaartii dhaabilee gurguddoo aanaa/magaalaa keessanii qopheeffadhaa.

✓ Chaartii gahee hojii dhaabbilee mootummaa agarsiisu qopheefadhaa.

✓ Chaartii gahee hojii dhaabbilee mit-mootummaa kan akka Fannoo-Diimafi Baatii-Diimaa qopheeffa dha.

## Mala Baruu Barsiisuu

Barnoota mata duree kanaaf gocha jalqabaa kan ta'uu qabu barattoota garee gareen qooduun dhaabbilee dhiyotti argaman akka dhaqanii daawwataniif akaakuun qooduun dalaggaalee isaanii barreessanii dareef gabaasuun akka irratti mari'atan haala mijeessaa. Haala walffakkaatuun tokkoon tokkoo barataa hojii maatiin isaa irratti hirmaatanii jiraatan gaafatuun gabaasa isaa dareef akka dhiyeessan godhaa. Itti aansuun dalagaalee dhaabbilee mootummaa, mit-mootummaa fi kan dhuunfaa mataa mataa isaaniitiin fakkeenya dhihoo akka kennan gochuun hubachiisaa.

## Madaallii

- Gaafilee kitaaba keessatti dhiyaatan, gaafiilee afaanii fi gabaasa gochaa kenname fayyadamuufi hordofuun barnootaa keessan madaalaa.

**Deebii Gilgaala4.6**

**A. Dhugaa Yookin Soba**

**1.** Dhugaa 2. Dhugaa

**B. Filannoo**

1. B 2. C

**C. Deebii sirrii kennuu**

1. Kilinika dhuunfaa

Manneen barnoota dhuunfaa

Hoteelota dhuunfaa

Warshaalee adda addaa fi kkf.

2. Waajjiroota Barnootaa

Mana Murtii

Waajjira Poolisii

Bulchiinsa Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa

Waajjira Maallaqaa fi Misooma Dinaagdee.

Waajjira Qonnaa fi Misooma Baadiyaa.

Waajjira Inteerpiraayisii Miykiroo fi Xixiqqaa

Waajjiraa Daldalaa fi Misooma Gabaa.

Waajjira Siviil Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii

3. Dhaabbta Fannoo Diimaa.

Dhaabbta Baatii Diimtaa .

Dhaabbata Baankii Addunyaa

## 4.4 Sochiilee Diinagdee Aanaa /Magaalaa/ keenyaa (Wayitii 17 )

### Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga xumuranii boodaa:

- Sochiilee diinagdee gurguddoo aanaa /bulchiinsa magaalaa isaanii ni tarreessu
- Faayidaalee sochiilee diinagdee gurguddoo aanaa/magaalaa isaanii ni tarreessu.

### Qophii Duraa

✓ **Ragaa**: Aanaa /bulchiinsa magaalaa/ keessatti sochiilee diinagdeen walqabatee ragaa hirmaannaa fi faca'iinsa humna namaa agarsiisu qaama dhimmi ilaalu irraa sassaabbadhaa.

- ✓ Ragaa argame kana akaakuwwan sochiilee diinagdee fakkeenyaaf qonna, daldaala fi hojiiwwan ogummaa harkaatti qooduun gabatee qopheeffadhaa.
- ✓ **Fakkii** Aaanaa /bulchiinsa magaalaa/ keessatti akaakuwwan sochiilee diinagdee daanaa daar-baaftuu baay'inna hirmaannaa namootaa agarsiisu qopheeffadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Barattoonni waa'ee wontoota bu'uura jireenya namaaf barbaachisan boqonnaa tokko keessati barachuu isanii yaadachiisaa. Ilmi namaa wantoota jireenyaaf barbaachisaa ta'an kana argachuuf hojiilee adda addaa geggeessu, sochii diinagdee akka jedhamu ibsaafii. Aanaa /bulchiinsa magaalaa/ isaanii keessatti hojiiwwan hawaasni irratti hirmaatee argamuu fi mi'oota oomishaman ilaalchisee gaafilee marii irratti barattoonni gareen akka sirrtti yaada itti kennan gargaaraa. Itti aansuun maalummaa fi gahee sochiilee diinagdee tokkoo tookkoo isaanii irratti ibsa kennaafii.

Sochiin diinagdee oomisha miidhaanii fi horsiisa beeyladaa wal-qabate qonna akka jedhamu fakkeenya naannotti argamuun hubachiisaa. Dabalataanis kitaaba irratti hundaa'uun faayidaalee qonnaa ibsaafii. Gochi bittaa fi gurgurtaa mi'ootaan walqabate daldaala akka ta'e guyyaa gabayaa naannoo isaaniitiin walqabsiisuun agrsiisaa. Tooftaalee akka konkolaataa, baabura, xiyyara, doonii fi beeyiladoota akka harree,fardaa fi gaangeetiin iddoodhaa gara iddootti socho'uun mi'ootaa fi namootaa geejjiban ta'uu isaa hubachiisaa. Kanumaan waliin faayidaalee daldalaa fi geejjibaa kitaaba irratti hundaa'uun ibsaafii.

Mi'oota dheedhii warshaa keessa galchuun gara mi'oota caalamaan faayidaa kennanitti jijjiiruun sochii diinagdee Industirii ta'uu isaa mi'oota naannootti gabaaf dhihaatan akka fakkeenyaatti fudhchuun agarsiisaa.

**Fakkeenyaaf:**

- Shonkooraa → Warshaa Shukkaaraa → Shukkaara
- Jirbii → Warshaa huccuu → Huccuu

Itti aansuun, kitaaba irratti hundaa'uun faayidaalee Industirii ibsaafii.Kanumaan waliin,deebi barattoonni akaakuuwwan hojii ogummaa naannoo isaaniitti argamaniif kennan irratti hundaa'uun ibsa kennaafii. Hojiiwwan ogummaa namoota dhuunfaan naannoo mana jireenyaatti mi'oota adda addaa tolchuu fi qopheessuun wal-qabatan hojiiwwan ogummaa harkaa akka ta'an qayyabachiisaa. Akaakuuwwan ogummaa harkaa mi'oota dheedhii fayyadamanii fi mi'oota oomishaman, gabatee 4.3 kitaaba irra jirutti fayyadamuun agarsiisaa.

Kana waliin, kitaaba irratti hundaa'uun akkasumas mi'oota manaa guyyaa guyyaan itti faayidaman akka fakkeenyaatti fudhachuun faayidaalee hojiiwwan ogummaa harkaa hubachiisaa.

## Madaallii

- Gaafilee Kitaaba irratti dhiyaatanii fi gaafilee mariif dhiyaatan irratti haala qooda fudhannaa barattootaa hordofuun madaaluun ni danda'ama.

**Deebii Gilgaala4.7**

**A. Dhugaa yookaan Soba**

1. Dhugaa
2. Soba
3. Dhugaa
4. Dhugaa

**B. Filannoo**

1. C
2. B
3. A
4. C
5. A

**C. Deebii Sirrii Kennuu**

1. a)hawaasa walitti fida.

b) qoqqoodinsa hojii uuma

c) wal-jijjiirraa yaadaa fi aadaaf carra uuma.

d) hojii ni uuma

e) baballachuu magaalaatiif gahee qaba

f) Fedhii oomishummaa ni dabala.

2. a) meeshallee fi mi’oota hawaasaaf baay’ee barbaachisan ni oomisha.

b) meeshaalee gatii salphaan dhiyeessa.

c) mi’oota dheedhii naannotti argamanitti fayydama.

d) guddina warshaa ammayyaatiif bu’ura ni ta’u.

e) carraa hojii ni uuma.

3. Haala maatii isaaniitiin haa deebisan

## Meeshaalee Bu’aa Teeknolojii fi Faayidaa Isaanii

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni mata duree kanaa erga xumuranii booda :

- Maqaa meshaalee bu’aa teekinoolojii itti fayyadaman ni tarreessu.
- Faayidaalee meesahaalee bu’aa teekinoolojii itti fayyadaman ni ibsu.

## Qophii Duraa

- ✓ Barnoota mata duree kanaa fakkeenya naannootti argamuu fi fakkiiwwan meeshaalee bu’aa teeknoolojii waraqaa irratti qopheeffadhaa.

## Mala Baruu Barsiisuu

Barnoota kana eegaluuf hubannoo barattootaa irraa ka’uuf gaafilee armaan gadiitii fi kan biroo gaafachuun jalqabaa.

- Faayidaan Raadiyoo maali ?
- Faayidaan televiizynii maali?
- Istooviin maali? Faayidaan isaa hoo ?
- Jenereetarri maali ?faayidaan isaa hoo?
- Rifereejireetarri maali?faayidaan isaa hoo?
- Bilbilli faayidaa maali qaba?
- Akaakuuwwan bilbilaa maal fa’a?

Barattoonni fakkiiwwan meeshaalee kanneenii barruulee moofaa gaazexaa, tikkeettii lotorii,kaalaandara fi kkf irraa kutuun fidanii daree keessatti akka maxxansan taasisaa.

- Maalummaa fi faayidaalee raadiyoo fi televiizyinii erga ibsitaniif booda tokkummaa fi adda addumma isaanii gabatee qopheesuun hubachiisaa.
- Istooviin meeshaa nyaata qopheesuuf nama fayyaduu fi anniisaa elektiriikiitiin akka hojjatu erga ibsitanii fi booda kunuunsa naannoo keessatti gahee akka qabu hubachiisaa. Isttoovitti fayyadamuun hamma mukkeenii qoraanii fi cilee qopheessuuf muramu akka hir'isu hubachiisaa.
- Maalummaa fi faayidaalee jenereetaraa,rifereejereetaraa fi kaawuyyaa elektiriikii suuraa ykn fakkitti fayyadamuun tokkoon tokkoon isaanii haala kitaaba keessatti kaayameen ibsaafii.
- Faayidaalee bilbilaa erga ibsitaniif booda, bilbilli akaakuuwwan kan akka dhabbataa- isa shiboon hojjatu,bilbila manaa fi biiroo socho'aa, shiboo malee hojjatuu fi mobaayilii akka ta'an hubachiisaa. Kanneen keessaa, bilbilli mobaayilii hawaasa keessatti bal'innaan tamsa'ee kan argamu ta'uu isaa qabatama naannootti deeggaramuun qayyabachiisaa.
- Ittiin fayyadama bilbilaa fi mobaayilii irratti, barattoonni gahee taphachuun walii bilbilanii akka haasa'an gargaaraa.

## Madaallii

- Gaafilee kitaaba keessatti kaa'amanii fi fakkiiwwan meeshaalee bu'aa teekinoolojii ta'an akka qopheessan taasisuun madaalaa.

**Deebii Gilgaalaa. 4.8**

**A. Filannoo**

1. A 2. B 3. C

## Misoomaaf Barbaachisummaa Hojii

## Gahumsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barattoonni barnoota mata duree kanaa erga xumuranii booda:

- Guddinna aanaa/magaalaa isaaniitiif hojiin barbaachisaa akka ta'e ni ibsu.
- Fedhii hojii hojjachuuf qaban ni agarsiisu.

## Mala Baruu Barsiisuu

Barnoota mata duree kanaaf maalummaa fi barbaachisummaa hojii barattoota gaafachuun eegalaa. Ilma namaa bineeldota biroo irraa wantoota adda taasisan keessaa tokko hojii akka ta'e qayyabachiisaa. Ammas ilmi namaa wontoota jireenyaaf isa barbaachisan argachuu kan danda'u hojiin akka ta'e fakkeenya ofii keessan fudhachuun itti himaa. Karaa biraatiin namni kamiiyyuu wontoota jireenya isaatiif barbaachisan hunda ofii isaatiin oomishuu akka hin dandeenyee fi qoqqoodaminsa hojii hawaasa kam keessattuu akka jiru fakkeenya naannootti fayyadamuun hubachiisaa. Kanuma waliin, barattoonni tokkoon tokkoon isaanii hojii adda addaa bakka bu'anii barbachisummaa irratti haala wal-dorgomanii/wal-falmanii/ akka gahee taphatan taasisaa.Itti fufuun hojiin kamiiyyuu tuffatamu akka hin qabne hubachiisaa.

## Madaallii

- Gaafilee mariif dhiyaatanii fi kaka'umsa hojii hojjachuuf agarsiisaniin madaalaa.

## Deebii gilgaala 4.9

**A. Filannoo**

1. A
2. B
3. C

# SIILABASII BARNOOTA SAAYINSII NAANNOO

## KUTAA 2

***ıayyoowwan Gooroo Barnootichaa Kutaa 2***

***Barattoonni hubaannoo fi beekumsa isaanii guddisuuf***

- Barbaachisummaa nyaataa, nyaata beekamoo naannoo isaanii fi nyaanni biqiloota irraa fi bineeldota irraa qophaa'uu isaa ni hubatu.
- Fayyaa fi qulqullina, faayidalee fayyaa, qulqullina dhabuun miidhaa fiduu fi mallattoolee dhukkubootaa ni himu.
- AIDSn dhibee waltuqaatii dhiigaatiin daddarbuu ta'uu isaa ni hubatu.
- Mirga daa'immanii, sarbamuu mirga daa'immanii fi mala ittisa mirga daa'immanii ni hubatu.
- Barbaachisummaa anniisaa fi moddoonni isaa faayidaa hawaasaaf kennan ni beeku.
- Ta'eewwan uumamaa akka marsaa uumamaa fi ta'eewwan dabranii dabranii kan muldhatan ta'uu isaanii ni hubatu.
- Yuuniitiiwwan safaraa kan aadaa fi ammayyaa jechuun ramadamuu isaanii ni qayyabatu
- Wantoonni meeshaalee uumamaa fi meeshaalee nam tolche jedhamuun ramadamuu isaanii ni qayyabatu.
- Faayidalee, akaakuulee fi kunuunsa qabeenya uumamaatiif godhamuu qabu ni hubatu.
- Qaamolee biqiloota fi dalagaawwan isaanii addaan baasanii ni hubatu.
- Bu'aa wantoota bineeldotaa irraa qophaa'anii ni beeku.
- Wantoota guddina midhaaniitiif barbaachisanii fi kunuunsa beeyiladoota qonnaatiif godhamuu qabu ni qayyabatu.
- Haala teessuma lafaa, wantoota lafaairra jiraatan fi argama bakkeewwan beekamoo aanaa isaanii keessatti argamanii ni qayyabatu.
- Sochiilee dinagdee gurguddoo fi dhaabbilee gorguddoo aanaa isaanii keessatti argaman ni beeku.
- Bu'aawwan teeknoloojii naannoo isaanitti itti fayyadaman ni himu.
- Misooma aanaatiif hojiin barbaachisaa ta'uu isaa ni hubatu.

i

***Barattoonni ogumaa fi dandeetti isaanii guddisuuf***

- Mallattolee dhukkuba isaanitti dhaga'amu nama birootti ni himu.
- Qulqullina dhuunfa isaanii sirriitti eeguuf ni shaakaluu.
- Argama aanaa isaanii kallattiiwwan arfaniinuu agarsiisuu ni danda'u.
- Hojjiiwwan guyyaa guyyaan hojetaman ni karroorfatuu, of gaggeessuus ni danda'u.
- Miseensoota hawaasaa keessaa jiraatan addaan baasuun, mataa isaaniis sadarkaa hawaasaa keessatti of ramaduuni danda'u..
- Yuuniittiiwwan safaraa addaan baasanii ramaaduu ni danda'u.
- Wantoota haala uumamaa isaaniitiin, ulffatiinaa fi bifa isaaniitiin ramaaduuni danda'u.
- Uulagalee salphaana fayyadamuun bineeldota fi wantoota addaan baasanii ramaaduu ni danda'u.
- Haaphee fi pilaasteera fayyadamuun wantoota walitti qabsiisuun ni agarsiisu.
- Qaamoolee biqiltootaa akaakuu /bifa/ isaaniitiin addaan baasuun ni ibsu.
- Moodeeloota wantoota bareedinaa (miidhaaginaa) waraqaa fi suphee irraa hojechuu ni danda'u.
- Dandeettii gareen hojechuu, waliin hojechuu, wal kabajuu fi wal jalaachuu ni horatu.
- Ogummalee qo'annoo saayinsawaa boqonnaa kana waliin deemuu ilaaluun hubachuu, gaafachuu, safaruu, mari'achuu, moodeela hojechuu, waliin hojechuu ramaaduu fi shaakaluuni danda'u.

***3. Amala fi ilaalchaa isaanii guddisuuf***

- Naamusa namaa kabajuu fi seeraan nyaataa isaanii nyaachuu ni horatu.
- Qulqullina isaanii eeguu shaakaluu isaaniitiin ni  mirkaneeffatu.
- Barattoonni sadarkaa umrii isaaniitiin hojii hojechuudhaaf fedhii ni uumatu.
- Sadarkaa umrii isaaniitti hojiiwwan hawaasni naannoo isaanii adeemsisu keessatti hirmaachuuf fedhii ni horatu.
- Biqiloota fi bineeldoota diqiisiifachuu, jalaachuu fi kabajuu fedhii ni horatu.
- Barattoonni gareen hojjachuu,walii galuu,wal kabajuu fi wal jaalachuuf dandeettii ni horatu.

## *BOQONNAA TOKKO:OFII KEENYA (Wayitii 51*

***Kaayyoowwan Gooroo***

Adeemsaa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- Barbaachisumma nyaataa, maqaawwan nyataa beekamoo naannoo isaanii ni hubatu.
- Nyaataa biqiloota fi bineeldota irraa qophaa'ani addaan baafatuun ni beeku.
- Haala nyaanni itti nyaatamuu ni agarsiisuu.
- Hiikkaa fayyaa, barbaachisumma fayyaa, namaa dhukkubsatee fi namaa fayya waliin madaaluun ni himu.
- Mallattoolee dhukkuboota muraasa fi yeroo mallattooleen kuni isaanitti dhaga'amu namootatti ni himu.
- Barbaachiisumma qabiinsa qulqullina dhuunfa haala gaariin ni ibsu.
- Qulqullina dhuunfa eeguu dhiisuun miidhaa fidu ibsu ni danda'u.
- Ogumaalee qo'annoo saayinsawaa boqonnaa kan waliin deemuu ilaaluun hubachuu, gaafachuu, ramaduu, waliin mari'achuu, waliin hojechuu shaakaluu ni danda'u.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti<br>• Barbaachisumma Nyaataa ni ibsuu. | ***1.1. Nyaata Nama (Wayitti 17)***<br>• Barbaachisumma Nyaataa | • Barattoonni barbaachisummaa nyaata warra isaanii irra odeeffannoo sassaabuun kutaa keessatti tokko tokkoon isaanii akka gabaasa dhiyeessan gochuu.<br>• Barbaachisumman nyaataa guddinaaf, fayyaaf, anniisaa kennuu isaa sadarkaa isaaniitiin hubachiisuu.<br>• Nyaataa wal madaalamee nyaachuu dhiisuun yeroo daa'imummaa haala salphattin dhibbee adda addaatiif saaxiilaman. Daa'immani hanqina nyaatnni wal madaalame isaan qunnamee jaanjoo, akka daa'immai fayyaa qabutti taphachuu kan hin dandeenye ta'a. |
| • Maqaawwan nyaata beekamoo naannoo isaanii jiru ni himu. | • Nyaata beekamoo | • Maqaawwan nyaata beekamoo naannoo isaanitti argamuu muraasa gaafachuun nyaata irra caalaatti barattonni filatan, lakkoofsa barattootaa waliin wal bukkee kaa'uun gubbaa irratti, nyaata xiqqinaan nyaatan jalaattu bareessuun addaan baasuun hubachiisuu. |
| • Nyaata bineeldootaa fi biqiloota irraa qophaa'an addaan baasanii ramaaduu danda'u.<br>• Fakkeenya nyaata bineeldotaa fi biqiltoota irraa qophaa'u ni kennuu | • Maddoota nyaataa<br>• Bineeldoota<br>• Biqiloota | • Nyaata beekamoo armaan olitti tarreeffaman keessaa maddi isaanii maal akka ta'ee akka himan gaafachuun maddi nyaataa biqiloota fi bineeldoota irra akka ta'ee yaada ka'uumsaa kennuufii..<br>• Barattoonni barnoota kutaa 1ffaa keessa akaakulee foonii barachuu isaanii ni yaaddatuu. Bu'awwan Aannanii kan akka dhadhaa, baaduu fi dhamaa kan argaman beeyiladoota irrayi ta'uu ni hubatu.<br>• Barattootaa keessaa haala bu'aan aannaniiwarrii isaanii/dhadhaa,shalalaa ,dhama itti qopheessan kan beekan yoo jiraatan gaafachuun akka barattootaaf ibsa haala mijeessuu.<br>• Nyaanni biqiltoota irraa qophaa'uu kan danda'u midhaan, kuduraa fi fuduraa irraayi.<br>• Barattoonni akaakuulee midhaanii, kuduraa fi fuduraa akka tarreessan taasiisuu. |

| ***Kaayyoowwan Gooree*** | ***Qabiyyee*** | ***Mala baruu barsiisuu*** |
|---|---|---|
| • | | • Akkaataa akaakuu saaniitiinmidhaan ,kuduraa fifuduraa fakkii kaasuun halluu adda addaa dibuun akka agarsiisan haala mijeessuu. fakkii kaasanii akka agarsiisan gochuu.<br>• Fakkiiwwan sadan kana kaasuudhaf poostariin sadii barbaachisaadha<br>1. sanyii midhaaniif,.<br>2. kuduraaf<br>3. fuduraaf |
| • Akkaataa nyaata naamusaan itti nyaatan ni agarsiisu<br>• Kabaja namootaa kennuun ni agarsiisu. | • Naamusa Nyaataa<br>Nyaata namoota waliin nyaatuun walitti dhufeenya namootaa cimsuu | Wantoonni naamusni nyaataa of keessatti ammatu kanniin armaan gadii fa'a<br>.Nyaata dura harka dhiqachuu<br>.Sirnaan bakka nyaanni itti dhiyaatu taa'uu.Nyaata irratti namoota wajjiin nyaataniif dursa kennuu fi fedhii isaanii eegu<br>.Nyaata sirriitti alanffachuun liqimsuu<br>.Nyaata guddisanii afaan kaayachuu dhiisuu<br>.Nyaata hamma nama barbaachisuu olitti nyaachuu dhiisuu<br>Barattoonni barbaachisummaa naamusa nyaata gaarii irratti kutaa keessatti akka mari'atan haala mijeessuu.<br>Barattoota gareewwan xixiqqootti qooduun tokkoon tokkoo miseensa gareefuulaan walitti deebi'anii taa'uun naamusa nyaataa gaarii gahee taphachuun akka agarsiisan haala mijeessuu.<br>Tokkoon tokkoo garee gahee isaanii taphchuun kutaa keessatti akka agarsiisan haala mijeessuun hordofuu fi qajeelchuu. |
| • Haala nyaataaf mijaa'aa ta'een teessuma fi minjaala qupheessuun ni agarsiisuu.<br>• Namoota biraatti fuula gaarii agarsiisuu. | • Nyaachuuf haala minjaa'aa qopheessuu.<br>• Waliin nyaachuun walitti dhufeenya namootaa cimsa. | Haalli qophii minjaalaa fi teessuma kan armaan gadii of keessatti qabata:<br>• Nyaata dura harka dhiqachuu<br>• Bakka nyaanni itti dhiyaatu taa'uu<br>• Nyaata dura namoota biroof kennuun namaaf yaaduu dursuu.<br>• Nyaata osoo hin liqimsin dura sirriitti alanfachuu.<br>• Nyaata qisaasessuu dhiisuu<br>• Quufaa olitti nyaachuu dhiisuu.<br>Waa'ee qophii nyaataa irratti barattoota wajjin kutaa keessatti mari'achuu barbaachisa.<br>Daa'imma kutaa gare xixiqqootti qoodi. Tokko tokkoon akka nyaataaf qophaa'eetti garee taphachuun akka kutaatti agarsiisu gochuu.<br>aa, gaashaa fa'a jiraachuu isaanii barattootaaf ibsi. |

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| • Fayyaan nagaa qaamaa fi hawaasaa ta'u jechuun hiikaa fayyaa ni kennu.<br>• Barbaachisumma fayyaa qabaachuu ni ibsu | ***1.2 Fayyaa Keenya (Wayitii 17)***<br>• Fayyaan maali?<br>• Barbaachisummaa fayyaa gaarii<br>• Gammaduu fi gammaduu dhabuun waan uumamaan jiru.<br>• Namoota hirdhina qaamaa qabanii fi dhukkubsataniif kabajaa kennuu fi itti gaafatamummaa fudhachuu | • Fayyummaan qaamanis ta'ee sammuun fayyaa ta'anii argamuu dha.<br>• Namoonni fayyaa qaban gammadoo fi gaarummaan itti dhaga'amuudha. Jajjaboo fi cimoodha.<br><br>Jireenya guyyaa guyyaa keessatti ciminaan ni hirmaatu. Maal akka isaan gamachiisuu fi isaan gaddisiisu irratti mari'adhaa.<br>Barattoonni wanta nama gammaachiisanii fi nama gaddisiisa gahee taphachuun akka agarsiisan gochuu. Nama miidhuu hir'ina qaamaa irratti haa mari'atamu. |
| Amaloota nama fayyaa fi nama dhibamee waliin ni madaaluu (bikuu)<br>-Barbaachisummaa nama dhibame gargaaruu ni ibsu. | • Namoota fayyaa fi namoota dhibaman wal bira qabuun bikuu (madaaluu)<br>.namoota dhukkubsataniif yaaduu fi eegumsa godhuu | • Namoota fayyaa fi namoota dhibaman haala waliigalaatiin wantoota mudhataniin walii bikuu malee rakkoo dhibee beekamaan walqabate keessa galuun hin barbaachisu.<br>• Namni dhibame walumagalatti nagaan itti hin dhagahamu. Gammadaa miti, Nama fayyaa irra baay'ee raftu.<br>• Barattoota maatii isaanii keessaa namni dhibamee beeku jiraachuu fi jiraachuu dhabuu isaa gaafadhu. Amalli nama dhibamee yommuu dhibame akkamitti akka jijjiiramee fi akka yommuu fooyya'u itti jijjiiramu akka himan gaafachuu. |
| • Mallatoolee dhibee tokko tokkoo ni himu.<br>• Mallattooleen dhibee yommuu itti dhagahaman nomoota himatan dinqisiifachuu. | • Mallattoolee dhibee<br>• Mallattoolee kanneen yoo nutti dhagahaman maal gochuu qabna. | • Xiyyeeffannaan mallattoolee dhibee haala waliigalaan malee dhibee murtaa'e irratti xiyyeeffachuu miti. Fakkeenyaaf, dhibeen yeroo baay'ee ho'a qaamaa, bowwoo mataa, dhukkubii, fedhiin nyaataa hir'achuu, balaqisuu, garaa kaasaa, muruu fi kkf malattoolee dhibeeti.<br>• Barataa kanaan dura dhibamee beekuu fi mallattoolee kanneen ibsuu danda'u affeeruu.<br>• Barattoonni yoo dhibeen itti dhagahame barsiisa yookiin hiriyyaa isaaniitti akkasumas, warra isaaniitti akka himan jajjabeessuu.<br>• Dhibee dhokfachuun hammam akka gowwummaa ta'e ibsuufii barattoonni gareen hojjechuu qabu. Tokkoon tokkoon garee nama doktorii ta'u filachuun,. warri hafan immoo dabaree dabareen akka waan dhibamaniitti mallattoolee dhibee akka itti dhagahametti doktorichatti himuun akka gahee taphachaa qayyabatan gochuun balaa tasaa irratti maal gochuu akka qaban irratti gahee taphachuun mari'achuu. |

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| • Barbaachisummaa qulqullina dhuunfaa eeggachuu ni ibsu. | ***1.3. Qulqullina Dhuunfaa keenyaa eegaachuu (wayitii 17)***<br>• Qulqullina dhuunfaa keenyaa maaliif eegganna?<br>Qulqullina keenya yoo eegachuu baanne namoonni biroo maal ta'uu danda'u? | • Jechi "qulqullina" jedhu qulqullina qabaachuun dhibamuu nama hir'isuu fi fayyummaa kan agarsiisuu ta'uu isaa hubachuu.<br>• Bakka nyaanni qophaa'utti qulqullinni maaliif akka barbaachise akka ibsan gaafachuu. |
| Dhukkuboota hanqina qulqullinaatiin dhufan ni tarreessu. | • Dhibeewwan hanqina qulqullinaa tiin namatti dhufan. | • Dhukkuboota akka cittoo, raammoo maagaa, tiraakoomaa irratti xiyyeeffachuu qabna.<br>• Mallattoolee dhukkuba kanneenii fi maaliin akka nama qabuu danda'an irratti ibsa kennuu. |
| Eedsiin waltuqaatii dhiigaatiin akka daddarbu ni ibsu. | • Eedsii akka dhukkuba waltuqaatii dhiigaatiin daddarbuutti barataan tokko balaan irra yoo dhaqqabe atattamaan nama guddaatti himuu. | • Eedsiin qaama namaa kan laaffisu ta'uu isaa ibsuu. Qaamni namaa dhukkuba kan ittisu ta'uu isaa fi namni eedsiin qabame garuu qaamni isaa kana lafuu fi humna ittisa dhukkubaa kan dhabu ta'uu isaa ibsuu. Haala daa'imman balaawwan adda addaa dhaqna nama biraan waltuquu danda'an fi wantoota qaraqaban kanneen akka lilmoo, haadduu fi kkf irratti mari'achuu. Eedsiin waltuqaatii dhigaatiin kan daddarbu ta'uu isaa fi waltuqaatii dhiigaa ittisuu akka barbaachisu irratti marii gaggeessuu.<br>• Balaa yommuu taphatan yoo dhaqqabe waltuqaatii dhiigaa ittisuuf of eeggannoo taasisuu qaban irratti ibsa kennuufii. |
| Qulqullina dhuunfaa sirrii ta'e agarsiisuu. | • Qulqullina dhuunfaa hojii irra oolchuu.<br>• Fayyaa nama birootiif itti gaafatamummaa agarsiisuu. | - Guchoota baay'ee armaan gadii irratti mari'achuun ni danda'ama.<br>• Qaama dhiqachuu fi ilkaan qulqulleessuu<br>• Uffata qulqulluu uffachuu<br>• Naannoo jireenyaa fi mana qulqulleessuu.<br>• Kutaa barnootaa fi moonaa mana barumsaa qulqulleessuu.<br>• Mana fincanitti fayyadamuu.<br>• Bakka jereenya namaa fi beeyiladootaa adda baasuu.<br>• Haraa guuboo kosiitti gatuu.<br>Barattoonni mooraa mana barnootaa keessa qulqulleessuun bareedina dallaa mana barumsaa akka eegan gochuu.<br>Barattoonni poostaroota halluu adda addaa qaban kaasanii kan qulqullina gaarii jajjabeessan akka agarsiisan gochuu. Kunis namoota biroo jajjabeessuuf naannoo mana barnootaatti ta'uu qaba. Faayidaa naannoo qulqulluu jiraachuu barattoonni akka himan gaafachuu. |

***Madaallii fi Hordoffii***

Barsiisaan raawwii barattootaa osoo addaan hinkutiin boqonnaa keessatti ibsa armaan gadiitiin waliin madaaluun kaayyoo gooree irratti hundaa'uun barattoonni sadarkaa raawwii isa xiqqaa raawwachuu danda'uu isaanii addaan baafachuu dha.

***Barattoonni yoo xiqqaate kanneen armaan gadii raawwachuu qabu***.

- Faayidaa nyaataa ibsuu fi akaakuu nyaataa naannoo isaaniitti nyaatamanii tarreessuu.
- Nyaata kan bineeldota irra argamuu fi kan biqiloota irra argamutti ramaduun fakkeenya tokko tokkoon isaanii kennuu
- Fayyummaa hiikuu fi barbaachisummaa fayyaa amaloota nama fayyaa fi dhibamaa waliin bikuun ibsuu.
- Mallattoolee dhukkubaa tokko tokkoo fi barbaachisummaa namoota birootti dhukkuba himachuu gahee taphachuun agarsiisuu, barchisumma qulqullina eeggachuu fi fakkeenya dhukkuboota hanqina qulqullinaatiin dhufanii ibsuu, Eedsii waltuqiinsa dhiigaatiin dabruu.

***Barattoonni ga'umsa xiqqaa isaan irraa eegamuu ol hojjetan*** ni dinqisiifamu, raawwiin isaanis beekamee, galmaa'ee qabamaaf. Hojii isaanii itti fufuun caalmaan akka hojjetan ni jajjabaatu. Bu'a argatan ulfeessuun oftuulanii akka hin teenye ni gorsamu.

***Barattoonni ga'umsa xiqqaa isaan irraa eegamuu gad hojjetan***, yoo xiqqaate barattoota sadarkaa giddugaleessatti argaman wajjin akka walqixxaatan gargaarsa isaanii barbaachisa. Ilaalchi addaa isaaniif kennamee yeroo boqonnaa fi gara dhuma guyyaatti gargaarsa addaa isaaniif gochuun barbaachisaa dha.

## *BOQONNAA 2: HAWAASA NAANNOO KEENYAA (Wayitii 53)*

### *Kaayyoo Gooroo*

Adeemsaa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- Miseensota hawaasa naannoo isaanii fi ofiisaanii umriidhaan ni ramadu.
- Mirgoota daa'immanii muraasaa ni ibsu, dabuu mirgoota kanaafis fakkeenya ni kennu, akkamitti kabajamuu akka danda'anis yaada ni kennu.
- Gochaawwan guyyaa guyyaatti raawwatan karoorsuu ni shaakalu,gochaawwan hawaasummaa umrii isaanii waliin gitu muraasa irratti hirmaachuuf fedhii ni agarsiisu.
- Faayidaa anniisaa hawaasa naannoo isaaniitiif ni ibsu, akkasumas, maddoota anniisaa ni tarreessu.
- Wixinee kaartaa kaasuu yookiin qiyaasuu fi meeshaalee walitti qabsiisuu ni shaakalu, akkasumas, moodeelota waraqaa fi suphadhaan tolchuun ni miidhagsu.
- Ogummalee qo'annoo saayinsawaa boqonnaa kana waliin deeman kan akka ilaalani hubachuu, galmeessuu, ramaduu, safaruu, waliin jiraachuu, moodeelota tolchuu fi walgargaaranii hojjechuu shaakaluu ni dnada'u.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti barattoonni:<br>• Miseensota hawaasa naannoo isaanii umriidhaan ni ramadu.<br>• Hawaasa keessatti ofiisaanii akka daa'imman itti ramadu. | **2.1. *Miseensota Hawaasa Naannoo Keenyaa (Wayitii 15)***<br>• Miseensota hawaasaa naannoo<br>• Garee hawaasa naannoo kam keessatti ramadamanaa? | Hawaasni naannoo umrii irratti hundaa'uun fakkeenyaaf, daa'imman, dargaggoota, ga'eessotaa fi jaarsolee jedhamuun gareedhaan ramadamuu qaba.<br>Barattoonni miseensota maatii isaanii haala kanaan ramaduun, tokkoon tokkoon gareewwanii keessa namni meeqa akka jiru himuu qabu. Tokkoon tokkoon barattootaa ragaalee daree isaanii walitti makanii kennuun, miseensota maatiiwwan isaaniitiif proofaaylii umrii akka kennan haala mijeessuu. Barattoonni hawaasa naannoo isaanii keessatti shoora akka daa'immanitti qaban beekuu qabu.<br>• Faayidaa fi miidhaa daa'imummaan qabu maal akka ta'e barattoota gaafachuu.<br>• Barattoonni of iisaanii walakkeessa godhanii namoota beekan biroo immoo fiixee bararaawwan walakkeessa irraa ka'anitti gochuun fakki daara baaftuu akka kaasan taasisuu.<br>• Umriin garee tokko irraa gara garee itti aanutti ittiin darbamu ifa ta'ee hin kaa'amne. Umriin kam irratti:<br>• Daa'imni tokko dargaggeessa akka ta'u,<br>• Dargaggeessi ga'eessa akka ta'u,<br>Ga'eessi jarsa akka ta'u barattoota gaafachuu. |
| • Mirgoota daa'immanii muraasa ni ibsu.<br>• Akkaataa mirgoonni daa'immani ittiin sarbaman ilaalchisuun fakkeenya ni kannu.<br>• Karaalee mirgoonni daa'immanii ittiin | • Miirgoota maal maal qabnaa?<br>• Mirgoota daa'immanii<br>• Sarbamuu mirgoota daa'immanii<br>• Yoo rakkoon jira ta'e tarkaanfii fudhatamuu qabuu fi qaama itti | Mee barattoonni mirgi daa'immanii, jireenya, ittisaa fi guddina daa'imman irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaa irratti haa mari'atani. Mirgoonni kan armaan gadii ifa bahanii beekamuu qabu.<br>• Mirga barachuu.<br>• Mirga hojiiwwan miidhaa geessisan irraa ittisamuu.<br>• Mirga bakka jireenyaa, nyaataa fi uffata argachuu.<br>Qo'annoo dhimma murtaa'e irratti gaggeeffame fayyadamuun karaa mirgoonni ittiin sarbaman agarsiisuu. Barattoonni akkaataa mirgoonni daa'immanii itti kabajamuu danda'an irratti akka walmari'atan taasisuu. |

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| kabajaman ilaalchisee yaada ni kennu. | himamuu qabu. | Karaalee daa'imman hawaasaa fi maatii isaanii keessatti ittiin hacuucaman irratti barattoonni akka wal mari'atan taasisuu. Yoo miidhaan irra ga'e, garam deemanii eenyutti dubachuu akka qaban walmar'atanii akka beekan taasisuu. |
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti barattoonni:<br>• Gochaawwan guyyaa guyyaatti raawwatan karoorsuu ni shaakalu.<br>• Ogummaa of to'achuu sadarkaa isaanitti ni agarsiisu. | **2.2.** ***Hawaasa keessatti jiraachuu (Wayitii 14)***<br>• Gochaawwan guyyaa guyyaa karoorsuu.<br>• Sagantaa guyyaa yookiin torbee qopheessuu.<br>• Ogummaa of to'achuu. | Barattoonni guyyaa guyyaan gochaawwan adda addaa yommuu rawwatan, fakkeenyaaf, yommuu rafan, yommuu nyaata nyaatan, yommuu taphatan, yommuu qo'atan, yommuu hoj-manee hojjetanii fi yommuu hojiiwwan biroo hojjetan yeroowwan itti raawwatan addaan baasuu qabu.<br>Barattoonni gochaawwan guyyaatti raawwatan hundaaf yeroo ga'aa ta'e ramaduun akkamitti walitti gurmeessuu akka danda'an yaaduu qabu., Kunis kan raawwatamuu danda'u sagantaa yeroo qopheessuudhaani.<br>Waraqaa irratti mata duree "Guyyaa koo" jedhanii barreessuu. Yeroowwan guyyaa tartiibaan irraan gadee barreessuu. Yeroowwan kana wajjin haala walsimuun gochaawwan yeroo sanatti raawwataman barreessuu, fakkeenyaaf, yeroo hirriiba irraa itti kaanu, yeroo cireen itti nyaatamu, yeroo gara mana barumsaa itti deemamu, yeroo taphaa fi kkf. |
| • Gochaawwan hawaasaa keessatti sadarkaa umrii isaanitti hirmaachuuf fedhii ni agarsiisu. | • Gochoowwan hawaasaa keessatti hirmaachuu<br>• Gumiiwwan keessatti hirmaachuu (gumii Farra Eedsii, gamii kunuunsa naannoo gumii shanarranii fi kkf) | Gochaawwan dhuunfaa gara gochaawwan garee hawaasicha keessatti guddachuun walitti gurmaa'uu qabu.<br>Wantoonni yookiin gochaawwan hawaasicha keessatti torbaniin yookiin ji'atti raawwataman maal maal akka ta'an barattoota gaafachuu. Deebiiwwan kennaman keessaa naannoo ofii qulqulleessuu fi mukkeen biqilchuun eeramuu qabu.<br>Barattoonni waliin ta'uun sagantaa yeroo gochaawwan hawaasaa qopheessuu ni danda'u.<br>Barattoonni waa'ee gumiiwwan mana barumsaa fi haala gumii xiqqaa ittiin jalqabuu danda'an akka walmari'atan taasisuu. |
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti barattoonni:<br>• Faayidaa anniisaan hawaasaaf qabu ni ibsu. | **2.3.** ***Hawaasni Keenya Anniisa Barbaada (Wayitii 9)***<br>• Barbaachisummaa anniisaa | Barattoonni anniisa maaliif akka barbaannu yaaduu qabu.<br>Akka dhuunfaatti yaaduun mana irraa jalqabuu.<br>Anniisaan nyaata keenya qopheessuu fi mana hoo'isuuf nuu fayyada. Uffatni dhiqamee jiidhe anniisaa hoo'aa aduu irraa maduun goggoga.<br>Barattoonni waa'ee meeshaalee fi konkolaattota itti fayyadamaa jiran yaaduu qabu. Meeshaaleen baay'ee anniisa elektirikii fayyadamuun tajaajila kennu. Konkolaattonni immoo anniisa bobaa'a irraa argamuun fayyadamu. |
| • Maqa maddoota anniisaa ni himu. | • Maddoota anniisaa | Barattoonni maqaa maddoota anniisaa kan adda addaa himuu fi tarreessuu qabu.<br>Barattoonni maddoota anniisaa akka armaan gaditti addaan baasuu qabu.<br>• Boba'aa aadaa fakkeenyaaf, qoraan, cilee.<br>• Boba'aa geejjibaa, fakkeenyaaf, peetroolii (beenziinii), diizilii (naafxaa)<br>• Maddoota anniisaa uumamaa fakkeenyaaf, aduu, bubbee, bishaan yaa'u<br>elektiriksitiin madda anniisaa utuu hin ta'in akaakuu anniisa mijaa'aa ta'uu barattootaaf ibsuu. |

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaatti barattoonni:<br>• Wixinee moodeelotaa ni qiyaasu.<br>• Waraqaa adda addaa hapheedhaan walqabsiisuun wantoota miidhagan garaagaraa ni tolchu.<br>• Moodeelota sasalphoo, suphee pilaastika lallaafaa fi waraqaa irraa ni tolchu. | **2.4. *Wantoota supheedhaan, pilaastika lallaafaa fi waraqaadhaan Tolchuu (Wayttii 15)***<br>• Qiyaasuu<br>• Miidhagina<br>• Moodeelota | Barannoonni kun proojektoota adda addaa lamaan qoodamuu danda'a.<br>Piroojektii isa tokkoffaa irratti barattoonni:<br>• Miidhagina (dikooreeshinii) qiyaasuu,<br>• Dikooreeshinii (miidhagina) isaanii waraqaa irratti ni kaasu.<br>• Kutaalee miidhagina isaanii ni mummuramu<br>• Kutaalee miidhaginaa mummuranii turan walitti qabsiisuu qabu.<br>Piroojektii lammaffaa irratti barattoonni<br>• Moodeela isaaniitiif boca qiyaasuu qabu.<br>• Pilaastika lallaafaa, suphee fi waraqaa fayyadamuun moodeela isaanii ni tolchu. Supheen yoo argamuu baate dhoqqeedhaan fayyadamuu ni danda'u. |

***Madaallii fi Hordoffii***

Barsiisaan gochaawwan tokkoon tokkoon barattootaa boqonnaa kana keessatti raawwatan haala itti fufiinsa qabuun duuka bu'uu (hordofuu) qaba. Waan hordoffii isaa irraa galmeesse kaayyoowwan gooree kaa'aman waliin walmaddii ilaaluun ga'umsa isa xiqqaa barataa tokko irraa eegamu argachuu isaa mirkaneessuu qaba.

***Barattaan Sadarkaa ga'umsa xiqqaa isa irraa eegamu irratti hojjetu:***

- Mooraa mana barumsa isaa fi gochaawwan mana barumsaa keessatti raawwatan ni ibsu.
- Manatti, mana barumsaattii fi ollaatti kabaja danbiiwwaniif qabu ni agarsiisa.
- Manatti, mana barumsaattii fi ollaatti hariiroo yookiin walitti dhufeenya gaarii ni agarsiisa.
- Balaawwan karaa irraa mudatanii fi akkamitti ittisamuu akka danda'an ni ibsu.
- Kiitiiwwanii fi tarbaayiniiwwan bubbeedhaan sochoo'an waraqaadhaan ni tolcha.

***Barattoonni ga'umsa xiqqaa isaan irraa eegamuu ol hojjetan*** ni dinqisiifamu, raawwii isaanis beekamee, galmaa'ee qabamaaf. Hojii isaanii itti fufuun caalmaan akka hojjetan ni jajjabaatu. Bu'a argatan ulfeessuun of tuulanii akka hin teenye ni gorsamu.

***Barattoonni ga'umsa xiqqaa isaan irraa eegamuu gad hojjetan,*** yoo xiqqaate barattoota sadarkaa giddu galeessatti argaman wajjin akka walqixxaatan gargaarsa isaanibarbaachisa. Ilaalchi addaa isaaniif kennamee yeroo boqonnaa fi gara dhuma guyyaatti gargaarsa addaa isaaniif godhuun barbaachisaa dha.

## *BOQONNAA 3: NAANNOO UUMAMAA KEENYA (Wayitii 58)*

**Kaayyoowwan Gooroo**

Adeemsa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- Ta'iiwwan uumamaa tokko tokko akka marsaa uumamaa isaan kuun immoo yeroo tokko tokko uumamaniitti ni ibsu.
- Yuuniitiiwwan safaraa fi addaan baasuun kan aadaa fi ammayyaatti ni ramadu.
- Wantoota kan umamaa fi namtolchee akkasumas teekscharaa fi ulfaatina isaanitiin ni ramadu
- Akaakuuwwan qabeenya uumama tarreessuun faayidaa isaanii fi maloota ittiin kunuunsan ni ibsu.
- Qaamolee biqiloota agarsiisuu, qamolee biqilootaa walitti qabuu fi dalagaa tokko tokkoon isaanii ni himu.
- Midhaan oomishuun maaliif akka barbaachisu ibsuu, meeshaalee midhaan oomishuuf barbaachisu tarreessuu ni danda'u.
- Bineeldota akkataa walhormaataa, bakka itti argaman, akkaataa nyaataa, bakka jireenyaa fi waan qaama isaanii uwwisuun ni ramadu.
- Wantoota bu'aa bineeldotaa ta'an tarreessuu, fi wantoota beeyladoota qonna keessatti fayyadan kunuunsuuf gargaran addaan ni baasu.
- Ogummaalee qo'annoo saayinsaawaa kanneen akka ilaalanii.
- Hubachuu, gaafachuu, samaduu, safaruu, galmeessuu, waliin mari'achuu, moodeloota hojjechuu fi waliin hojjechuu ni shaakalu.

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| Adeemsaa fi xumuura barnoota mataduree kanaatti barattoonni:<br>• Waqtiilee akka guyyaa fi halkanii, adeemsa jireenyaa akka marsaa uumamaatti ni hubatu.<br>• Uumama sabbata waqayyoo fi lolaa akka ta'iiwwan yeroo tokko tokko uuma maniitti ni hubatu | ***3.1. Ta'iiwwan uumamaa (Wayitii 17)***<br>• Ta'iiwwan uumamaaa hubachuu.<br>• Guyyaa fi halkan<br>• Waqtiilee<br>• Sabbata waaqyyoo<br>• Hoongee<br>• Lolaa<br>• Sadarkaa jireenyaa (dhaloota namaa guddina du'a) | Barattoonni garaagarummaa guyyaa fi halkanii irratti mari'achuu qaba. Kuni kan armaan gadii dabalchuu qaba.<br>• Guyyaa ifa, hoo'a, sagalee qaba (waca)<br>• Halkan dukkana, qorra, callisa<br>Barattoonni garaagarummaa yeroo baay'ee gogaa ta'ee fi yeroo baay'ee jiidhaa ta'e irratti haa mari'atan. Kunis tempireechara, haala roobaa, midhaan adda addaa fi kkf qabachuu danda'a.<br>Sabbanni waaqaa kan uumamu yommuu roobni caamu aduun coba robaatti yommuu baatu ta'uu isaa ibsiif. Barattoonni fakkii kaasanii halluuwwan sabbata waaqayyoo keessa jiran akka agarsiisan gochuu. Tortiibni halluuwwaniis diimaa, burtukaana, keelloo, magariisa, cuquliisaa, hamara.<br>Barattoota hongee fi lolaan maaliin akka dhufu akka himan gaafachuu.<br>Barattoonni rakkoolee hoongee fi lolaadhan dhufan akka tarreessan gochuu.<br>Barattoonni sadarkaa guddina jireenya bineeldotaa kanneen akka billaachaa ilaalanii hubachuu danda'uu<br>Hanqaaquu ⟶ raammoo ⟶ billaacha ⟶ du'a.<br>Sanyii ⟶ biqilaa ⟶ Daraaraa ⟶ du'a. |

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
| --- | --- | --- |
| Yuniitii safaraa dheerinaa, hangaa fi yeroo addaan ni baasu.<br>Yuniitii safartootaa kan aadaa fi ammayaatti ramaduu. | • Safartoota<br>• Yuuniitii safaraa dheerinaa, hangaa fi yeroo<br>• Safartoota aadaa fi ammayyaa | Barattoonni hojjaa isaanii sarartuu meetiraa yookiin meetira maraan akka safaran gochuu.<br>Lakkoofsi hojjaan barattaa chaartii irratti agarsiifamuu qaba. Hojjaan kutaa isaanii keessatti irra deddeebi'ame akka ta'e hubachuu qabu.<br>- Madaala hangaa fayyadamuun hanga isaanii akka safaran gochuu.<br>- Kutaa isaanii keessatti hangi yeroo baay'ee irra deddeebi'ame isa kami akka ta'e hubachuu qabu.<br>Barattoonni lakkoofsa sekoondii hojii tokkoof barbaachisu yookiin bakka tokkoo bakka biraa deemuuf fudhatu akka safaran gochuu.<br>Barattoonni daqiiqaa ofii isaaniitii tilmaamanii argachuu ni danda'u ta'a. Barsiisaan yeroo isaan jalqabaa itti himuun yommuu danqiiqaa tokko ni ta'a jedhanii tilmaaman akka dhaaban gochuu qaba.<br>Akkaataa wantoonni armaan gadii itti safaraman barattootatti him.<br>• Dheerinni meetiraa fi sentiimeetiraan<br>• Hanga kiilogiraamii fi giraamiin<br>• Yeroo sa'aatii, daqiiqaa fi sekoondiin<br>Kana malees safartoowwan duudhaa kanneen akka taakkuu, dhundhuma, farasullaa, quunn |
| Barattoonni:<br>• Qabeenya uumamaa naannoo isaanii tarreessuu ni danda'u. | ***3.2. Qabeenya Uumamaa (Wayitii 13)***<br>• Faayidaawwan Qabeenya uumamaa | Barattoonni qabeenya uumamaa naannoo isaaniitti faayidaa irra oolan akka addaan baasan jajjabeeffamuu qabu. Isaanis:<br>• Biyyee miidhaan nyaataa irratti biqilchinu<br>• Wantoota uffata hojjachuuf gargaaran<br>• Wantoota mana ijaaruuf gargaaran.<br>• Albuuddan gurguramanii maallaqa biyyaaf argamsiisan<br>• Qabeenyawwan miidhagoo turistoota hawatan. |
| • Toftaa waliigalaa ittiin qabeenya uumamaa eegan ni ibsu.<br>• Akkaataa ittiin hawaasni qabeenya naannoo eeguu danda'u ni tarreessu. | • Qabeenya uumamaa eeguu<br>• Karaa manca'iinsaa<br>• Eegumsa | Akkaataa itti qabeenyi naannoo manca'aa jiru barattoonni akka tarreessan gaafadhu.<br>Fakkeenyi kennamu kanneen hammachuu danda'a:<br>• Faalama qilleensaa<br>• Faalama bishaanii<br>• Ciramiinsa bosonaa<br>• Dhiqamuu biyyee |
| | Mana jireenyaa, daree yookiin bakka biqiltuu mana barumsaa keessatti naannoo nyaataa fi bishaan ilbiisotaa fi bineeldota harkisu qopheessuu. | Barattoonni akkaataa manca'iinsi kun itti xiqqaachuun qabeenyi uumamaa eegamuu danda'u himuu ni dnad'u.<br>Akkaataa biqiltuun mana barnootaa yookiin biqiltuun mana jireenyaa isaanii keessatti argamu dhiqiinsa biyyee itti hambisuu fi ilbiisotaa fi bineeldota itti hawaachuu danda'u irratti mari'achiisaa. |

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| Barattoonni<br>• Qaamota biqilootaa himuu fi agarsiisuu ni dnada'u.<br>• Dalagawwan qaamota biqilootaa ni himu.<br>• Qaamota biqilootaa funaanuun addaan ni baasu. | **3.3.** ***Biqiloota Naannoo Keenyaa (Wayitii 15)***<br>• Qaamotaa biqilootaa fi dalagawwan isaanii:<br>• Jirma, baala, ilillii (abaaboo), hidda.<br>• Qaamota biqilootaa funaanuun addaan baasuu fi gareen ramaduu. | Baratoonni biqiltuu ilaaluun hidda, jirma, ilillii (abaaboo) fi baalaa addaan baasuu qabu. Fakkii biqiltuu kaasuun maqaa isaanii barreessuu qabu.<br>Barattoonni biqiloota naannoo mana barnootaatti argaman funaanuun guddina uumama baala isaanii fi kkf irratti hundaa'uun addaan baasuu qabu. Biqiloota funaanan keessaa muraasa fakkii isaanii kaasuun maxxansuu yaaluu qabu. |
| • Biqiltuun guddachuuf maal akka barbaachisu ni himu.<br>• Wantootaa fi meeshaalee biqiltuu midhaanii guddisuuf gargaaran ni agarsiisu. | • Biqiltuu midhaanii guddisuu<br>• Biqiltuun guddachuuf maal barbaadu?<br>• Meeshaalee fi wantoota biqiltuu midhaanii guddisuuf barbaachisan. | Barattoonni sanyii hubboo keessatti biqilchuun yaalii adeemsisuu ni danda'u.<br>Sanyii inni tokko bishaan, qilleensaa fi aduu ni argata. Inni lammaffaan bishaan hin argatu<br>Inni sadaffaan boorsaa pilaastikii keessatti akka qilleensa haaraa hin arganne taasifama.<br>Inni arfaffaan kaappoordii keessaa akka aduu hin argannetti kaa'ama.<br>Barattoonni torban tokko booda fakkii sanyiiwwanii kaasuu qabu.<br>Barattoonni meeshaalee biqiltoota midhaanii guddisuuf barbaachisaa kanneen akka gasoo fi xaasaa bishaanii qorachuu qabu. Akkaataa meeshaaleen kun itti hojii irra oolan agarsiisuu ni danda'u.<br>Manni barnootaa hojii qotiisaa kanaaf lafa kennuufii qaba.<br>Biqiltuu midhaanii yookiin abaaboo kennaafitii mana barumsaa yookiin mana jireenyaa isaaniitti akka guddisan gochuun safaraatii jijjiirama inni agarsiise ibsaa. Dorgommiin biqiltuu baqalloo yookiin kan biroo hunda caalaa dheeraa ta'e guddisuuf taasifame sadarkaa kanatti isa caaludha. |
| Barattoonni:<br>• Bineeldota akkaata hormaataa, sochii, soorata, bakka jireenyaa fi uwwisa qaama isaaniin ni ramadu. | ***3.4 Bineeldota Naannoo Keenyaa (Wayitii 13)***<br>• Bineeldota Ramaduu | Barattoonni haala hormaataa, sochi, soorataa fi uwwusa qaama irratti hundaa'anii bineeldota ramaduu beekuun irra jira. Fakkeenyaaf, bineeldonni kanneen ramadaman:<br>• Buphaa buusuun yookiin mucaa dhaluun<br>• Barisuun, foqoquun yookiin deemuun<br>• Kanneen biqiltuu nyaatan yookiin foon nyaatan<br>• Kanneen lafa irra jiraatan yookiin bishaan keessa jiraatan.<br>• Kanneen baallee qaban, rifeensa qaban yookiin gogaa jabaa qaban (scaled)<br>Hunduma isaaniif barattoonni fakkii kaasuun maqaa dhahuu qabu. |
| • Meeshaalee bu'aa bineeldotaa irraa hojjataman addaan ni baasu. | • Meeshaalee bu'aa bineeldotaa irraa hojjataman. | Barattoonni akka nyaatnni bineeldota irraa argannu ni beeku. Wantoota biroo bineeldota irraa argannu akka himanis gaafadhaa. Isaanis:<br>• Bu'aawwan ananii, Dhadhaa, Ayibii (Baaduu) fi itittuu.<br>• Gogaa: Kophee, qabattoo fi boorsaa.<br>• Suufii: Wayyaa fi uffata galgalaa<br>Dabalataanis wantoota bineeldota irraa naannoo isaaniitti argatan haa himan. |

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| • Meeshaalee fi wantoota bineeldonni ittiin kunuunsaman ni tarreessu.<br>• Hojiiwwan meeshaalee fi wantoota ittiin bineeldonni kunuunsaman ni agarsiisu. | • Meeshaalee fi wantoota bineeldota qotiisaaf ta'an ittiin kunuunsan. Uumama lubbuu qabaniif kabaja kennuu (bineeldonni qotiisaa yoo nuti kunuunsine bu'a qabeessoodha) | Barattoonni akkaataa bineeldonni qotiisaa ittiin kunuunsaman irratti haa mari'atan. Kanarraa ka'uun meeshaalee isaan barbaachisan haa tarreeffatan. Isaanis:<br>• Buruushii ittiin qulqulleesan<br>• Bidiruu bishaanii<br>• Meeshaa nyaata qabatu.<br>• Marga yookiin nyaata bineeldotaa qophaa'e.<br>Barattoonni akkaataa meeshaaleen kun ittiin hojjataman agarsiisuu qabu.<br>Barattoonni maaliif bineeldota qotiisaaf arjoomuun akka nurra jiru irratti mari'achuu qabu.<br>Kaayyoon isaa bineeldonni gammadoon, kunuunsi taasifameef hojii guddaa ni hojjatu.Ni guddatus. |

***Hordoffii Fi Madaallii***

Barsiisaan hojii barataan guutummaa yuunitichaa irratti hojjate hordofuun kaayyoowwan gooree irratti hundaa'uun ibsawwan armaan gadii waliin madaaluun baratichi ga'umsa xiqqaa sadarkichaaf kenname argachuu isaa murteessuu danda'uu qaba.

***Barataan sadarkaa ga'umsa xiqqaaf hojjata:*** waqtilee addaan ni baasa, guyyaa fi galgala, adeemsa jireenyaa akka marsaa uumamaatti fi sabbata waaqaa fi lolaa akka ta'eewwan tasaatti fudhata; yuniitii safartoowwan dheerinaa addaan ni baasa, hangaa fi yeroo akka duudhaa fi ammayyaatti ni ramada; wantoota kan uumamaa fi namtolchee jechuun ulfaatinaa fi bifa isaaniin ni ramada; qabeenya uumamaa ni tarreessa, faayidaa isaanii fi akkaataa kunuunsa isaanii ni ibsa; Qaamoota biqilootaa ni agarsiisa ni himas hojiiwwan tokkoon tokkoon qaamota biqilootaa ni hima, akkasumas ni funaana addaanis ni baasa; meeshaalee biqiloota midhaanii guddisuuf barbaachisan ni argisiisa; rammaddii bineeldota beekuu ni adeemsisa; meeshaalee bu'aa bineeldotaa irraa hojjataman addaan ni baasa; meeshaalee bineeldota kununsuuf gargaaran tarreessuun faayidaa isaanii ni agarsiisa.

***Barattoonni sadarkaa ga'umsa xiqqaa olitti hojjatan*** jajamuun irra jira, hojwwan isaaniis beekamuufii qabu. Jabaatanii hojjachuutti akka fufan jajjabeessuudha.

***Barattoonni sadarkaa ga'umsa xiqqaa gaditti hojjatan*** hiriyoota isaanii kanneen biroo wajjin akka deemaniif gargaarsi ni barbaachisa. Daree keessatti ilaalcha addaa kennuufii barbaachisa; akkasumas yeroo boqonnaa yookiin dhuma guyyaatti wayitiin dabalataa isaan barbaachisa.

**BOQONNAA 4: AANAA KEENYA YOOKIIN KUTAA BULCHIINSA MAGAALAA KEENYA (Wayitii 49)**

**Kaayyoowwan Gooroo:**
Barattoonni adeemsaa fi xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- Argama aanaa yookiin Bulchiinsa Magaalaa isaanii fi bakkeewwan beekamoo aanaa yookiin Bulchiinsa Magaalaa isaanii keessatti argaman kallattii hangafootaa afranitti fayyadamuun ni ibsu.
- Akaakuu fi haala teessuma lafa aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii addaan baasuun ni ibsu.
- Dhaabbilee gurguddoo aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii keessatti argamanii fi dalaggaa isaanii ni tarreessu.
- Dameelee dinagdee gurguddoo aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii keessatti argaman addaan baafachuun meeshaalee teeknoolojii oomishaa naannoo isaaniitti argaman fakkeenya kennuu ni danda'u.
- Guddina aanaa yookiin bulchiinsa magaala isaaniitiif hojiin barbaachisaa ta'uu fi sadarkaa umrii isaaniitiin fedhii hojiif qaban hojiin ni agarsiisu.
- Boqonnaa kana keessatti ogummaa saayinsaawaa kan akka daaw'achuu, galmeessuu, ramaduu, gaafachuu, safaruu, wal qunnamuu, moodeelota hojjachuu fi gamtaan hojjachuu danda'uu ni gonfatu.

| ***Kaayyoowwan Gooree*** | ***Qabiyyee*** | ***Mala baruu barsiisuu*** |
|---|---|---|
| Adeemsaa fi xumura barnootamata dree kanaa irratti barattoonni<br>• Kallattiiwwan afran ni argisiisu<br>• Kallattii arfanitti fayyadamuun argama aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii ni agarsiisu. | **4.1.** ***Argama Aanaa Keenyaa Yookiin Bulchiinsa Magaalaa Keenyaa (Wayitii 13)***<br>• Kallattiiwwan afran (kaaba, baha, kibbaa fi dhiha)<br>• Argama aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa keenyaa birqaba aanoolee biroo fi kallattiiwwan afraniin | Barattoonni kallattiiwwan wantootaa kaaba, baha, kibbaa fi dhiyatti fayyadamuun ni ibsu. Lama lama (cimdiidhaan) ta'uun bifa taphaatiin kallattiiwwan afran daa'imni tokko tokko yoo hime inni biroo kallattii biroohimuu fi hubatan haala mijeessuu..<br>Hojiin kallattii argarsiisuu kun kutaa keessaa gara morraa mana barnootaatti baldhachuu qaba. Barattoonni kallattii manni isaanii mana barnootaa irraa itti argamuu fi tokkoon tokkoo daa'imaa kallatti mana isaanii irraa gara mana barnootaatti dhufan himuu danda'uu qabu.<br>Barattoonni ollaa mana barnoota isaanii irraa argama bakkeewwan beekkamoo ni ibsu. Kunis bifa taphaatiin barsiisaan argama bakkeewwanii himuun barattoonni bakkicha addaan baasanii himu ni danda'u.<br>Diyaagiraama daarabaatuutti/Spider diagramm/ fayyadamuun daa'ima jiddu mana barnootaa yookiin mana jireenyaa godhuun sarrarran sirriin kallattii argisiisan hojjachuu. |
| • Bakkeewwan seenaa aanaa yookiin bulchiinsa magaala isaanii keessatti argaman addaan ni baafatu. | • Bakkeewwan seenaa qabeessa ta'an gurguddoo aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa keenyaa<br>- Seenaa bakkeewwan gurguddoo yookiin beekamoo aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa keenyaa. | - Barattoonni maqaa bakkeewwan beekamoo gurguddoo aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii ni himu.<br>Wixinee kaartaa aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii hojjachuun argama bakkeewwan beekamoo ni agarsiisu. Hojii kallattii itti fufuun, barattoonni kallattii bakkeewwan gurguddoon mana barnoota isaanii irraa itti argaman akka himan gaafachuu.<br>Barattoonni bakkeewwan beekamoo deemanii daaw'achuun wixinee fakkiin qopheessan kutaa keessatti akka muldhisan gargaaruu. Barbaachisummaa bakkeewwanii qorachuun waa'ee isaanii akka barreessan gargaaruu. Barattoonni hangatoota isaanii irraa haala aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii durii akka gaafatanii dhufan itti himuun odeeffannoo argatan akka tokko tokkoon isaanii kutaa keessatti himan haala mijeessuu. |

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| Adeemsa fi xumura barnoota mata duree kanaa booda barattoonni:<br>• Haala teessuma lafa aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii addaan ni baafatu.<br>• Akaakuwwan teessuma lafaaaanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii ni ibsu. | **4.2. *Akaakuuwwan haala teessuma lafa aanaa keenyaa yookiin bulchiinsa magaalaa keenyaa (Wayitii 10)***<br>• Teessuma lafaa<br>• Akaakuuwwan teessuma lafaa<br>- Dhiibbaa haalli teessuma lafaa hawaasa naannoo irratti qabu. | Barattoonni haala teessuma lafa aanaa yookiinbulchiinsa magaalaa isaanii addaan ni baafatu. Isaanis:<br>• Naannoolee lafa ol ka'oo<br>• Naannoo lafa dakee (dhooqaa) fi sulula<br>• Naannoo lafa diriiraa/raasaa<br>Barattoonni naannoolee adda addaa deemanii akka daawa'tanii fi wantoota fuula lafaa irratti argaman kanniin akka bosonaa, qaamman bishaana'oo fi lafa bishaaniin nyaatamte akka ibsan haala mijeessuu.<br>Barattoonni moodela haala teessuma lafa aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii pilaastikii yookiin biyyee suphee irraa kophaa kaphaatti yookiin gareen yookiin sadarkaa guutuu kutaatti akka hojjatan dalaga kennuufiin hordofuun qajeelchuu.<br>Barattoonni haalli teessuma lafaa akkamiin qilleensa naannoo irratti dhiibbaa akka uumuu fi kun ammoo jireenya hawaasa naannoo irratti (uffata, mana jireenyaa fi kkf) irratti dhiibbaa maalii akka uumu akka irratti mari'atan haala miseessuu fi hordofuu. |
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaa booda baratoonni<br>• Dhaabbilee gurguddoo aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii keessatti argaman ni tarreessu.<br>• Dalaggaawwan dhaabbilee gurguddoo aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii ni ibsu. | **4.3. *Dhaabbilee Aanaa yookiin Bulchiinsa Magaalaa Keenya keessatti Argaman (Wayitii 9)***<br>• Dhaabbilee<br>• Dalaggaawan dhaabbilee<br>• Aanicha yookiin bulchiinsa magaalaa keessatti kamtu maal akka hojjatu. | Barattoonni maqaa dhaabbilee aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii keessatti argaman mara barbaaduu fi akka barreessan taasisuu. Isaanis:<br>• Bufata Foolisii<br>• Mana murtii<br>• Waajjiraalee mootummaa kanniin biroo<br>• Waajjiraalee Dhaabbilee Mootummaan alaa<br>• Dhaabbilee dhuunfaa<br>Barattoota garee gareetti qooduun tokkoon tokkoo isaanii dalaggaawwan dhaabbilee qo'achuun akka gabaasa afaanii qopheessuun kutaaf dhiyeessan haala mijeessuun hordofuu. Dalagaawwan maatiin isaanii irratti bobba'an akka ibsan taasisuun hordofuu. |
| Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaa booda barattoonni:<br>• Sochiilee dinagdee gurguddoo aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii ni tarreessu.<br>• Faayidaa sochiilee dameelee dinagdee gurguddoo ni ibsu. | **4.4. *Sochiilee Dinagdee Aanaa Keenyaa yookiin Bulchiinsa Magaalaa Keenyaa (Wayitii 17)***<br>• Sochiilee Dinagdee | Barattoonni gosoota sochiilee dinagdee aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii ni himu. Isaanis haala armaan gaditiin ni tarreessu.<br>• Qonna<br>• Daldala<br>• Geejjiba<br>• Industirii<br>Hojiiwwan ogummaa harkaa<br>Barattoonni maalummaa isaanii tokkoo tokkoo ni ibsu.<br>• Barattoonni barbaachisummaa sochiilee dinagdee armaan oliitokkoon tokkoo isaanii akka ibsan gaafachuu.<br>• Barattoonni tokko tokkoo sochiilee dinagdee irratti baay'ina namoota hirmaatanii ni qoratu. |

| *Kaayyoowwan Gooree* | *Qabiyyee* | *Mala baruu barsiisuu* |
|---|---|---|
| | | • Argannoowwan isaanis chaartii irratti ni dhiyeessu. Aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii keessatti sochiiwwan dinagdee baay'ee barbaachisoo ta'an addaan baasuun chaartii yookiin gabatee irratti agarsiisan haala mijeessuun hordofuu.<br>• Isaan kanniin keessaa aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii keessatti sochii dinagdee irra caalaatti adeemsifamu akka ibsan haala mijeessu. |
| Meeshaalee bu'aawwan teeknoolojii itti fayyadamaa jiran fakkeenya kennuun ni ibsu. | • Meeshaalee bu'aa teeknolojii fi faayidaa isaanii | Barattoonni meeshaalee bu'aawwan teeknoolojii aanaayookiin bulchiinsa magaalaaa isaanii keessatti argaman addaan ni baafatu. Isaanis kanniin armaan gadii fa'a.<br>• Raadiyoonii<br>• Televiizyinii<br>• Sumsuma elektiriikii /Istoovii<br>• Genereetara<br>• Rifrijireetara<br>• Kaawuyyaa elektiriikii<br>• Bilbila (bilbila mobaayilii)fi kan kana fakkaatan<br>Barattoonni fakkiiwwan bu'aawwan teeknolojii barruulee moofaa keessaa, kaataaloogii, gaazeexaa, tikkeetii lotorii, kaalaandaraa fi kkf irraa kutuun akka fidanii maxxansan gargaaruu.<br>Barattoonni bu'aawwan teeknoolojii biroo aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii keessatti argaman barbaaduun waan argatan akka kutaa keessatti gabaasan haala mijeessuu.<br>Barattoonni waa'ee faayidaa bilbilaa irratti gahee taphachuun waamicha (dubbii) bilbilaa fi mobaayilii gahee taphachuun nama itti dubbachuun barbaadan waliin akka dubbatan haala mijeessuu fi mobaayiliin haala salphaan namaan wajjiin dubbachuuf kan gargaaru akka ta'e hubachiisuu. |
| Xumura barnoota kanaa booda barattoonni<br>• Guddina aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaaniitiif hojiin barbaachisaa akka ta'e ni ibsu.<br>• Sadarkaa umrii isaaniitiin hojii hojjachuuf fedhii qaban hojiin ni agarsiisu. | • Misooma aanaatiif yookiin bulchiinsa magaalaatiif hojiin barbaachisaa ta'uu.<br>• Hojii akaakuu kamiyyuu kabajaa kennuu. | Barattoonni tokko tokkoo hojii namoota adda addaatiin aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaanii keessatti adeemsifamu ni dinqisiifatu.<br>Tokkoon tokkoo hojjataa guddina misooma aanaatiif yookiin bulchiinsa magaalaatiif gahee isaa ni gumaacha. Ogeessi yaalaa tokko akkuma barbaachisaa ta'etti namni daandii qulqulleesu tokkoos barbaachisaa dha. Sababni isaas lamaanuu karaa irratti bobba'aniin fayyaa namaa eegu.<br>Barattoonni osoo namoonni adda addaa hojii isaanii dhaabanii aanaan yookiin bulchiinsi magaalaa isaanii maal ta'uu akka danda'uu akka irratti mari'atan haala mijeessuun hordofuu,<br>Fakkeenyaa:<br>• Poolisii<br>• Ogeeyyii fayyaa fi<br>• Barsiisota<br>Barattoonni hojii akkamii irratti bobba'uu akka barbaadan haa mari'atanii. Hojii irratti bobba'uu barbaadan barreessuu fi hojichi maatii fi hawaasa naannoo isaaniitiif hammam barbaachisaa akka ta'e irratti akka mari'atan haalaa mijeessuun hordofuu. |

***Hordoffii fi Madaallii***

Barsiisaan haala walitti fufinsa qabuun hojii barattootaa guutuu boqonnichaa irratti hordofuun kaayyoowwan gooree haala itti barbaadamaniin dhiyaachuu fi barattoonni waan hubachuu qaban sadarkaa gahumsa barnootaa isaa xiqqaa ta'e argachuu isaanii mirkaneeffachuu.

***Barataan sadarkaa gahumsa barnootaa isa xiqqaa ta'e argachuuf hojjatu*** tokko dhumabarnoota boqonnaa kanaa irratti kallattiiwwan afran argisiisuu, argama aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaa bir-qaba aanoolee yookiin bulchhiinsota magaalota birootiin ibsuu ni danda'a. Bakkeewwan seenaa aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaa keessatti argaman addaan ni baafata. Akkaataa teessuma lafa aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa isaatiin haallan teessumaa lafaa ibsuu ni dnada'a. Dhaabbilee gurguddoo aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa keessatti argamanii fi dalaggaawwan isaanii wajjiin tarreessuu ni danda'a. Sochiilee dinagdee gurguddoo aanichaa yookiin bulchiinsa magaalichaa ni tarreessa. Faayidaa isaaniis ni ibsa. Meeshaalee bu'aawwan teeknolojii fakkeenya kennum barbaachisummaa isaanii ni ibsa. Gama birootinis barbaachisummaa hojii ibsuu fi fedhii yookiin kabaja hojiif qabu qabatamaan agarsiisuu ni danda'a.

***Barattoonni sadarkaa gahumsa barnootaa isa xiqqaa barbaadamuu olitti argatan*** badhaafamuu fi hojiin isaanii hubannoo argachuu qaba. Haala eegalaniinis akka itti fufuu danda'anii jajjabeeffamuu qabu.

***Barattoonni sadarkaa gahumsa barnootaa isa xiqqaa barbaadamu gaditti argatan*** akka kutaa keessatti barattoota biroo wajjiin wal gituu danda'an gargaarsa addaa barbaadu. Kutaa keessatti xiyyeeffannaan ol aanaan kennamee fi barnoota dabalataa akka argatan yeroo boqonnaatti yookiin xumura sagantaa hojii kan guyyaa booda haala mijeessuufiin barbaachisaa ta'a.